1

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

1

Seensa Waahee Xahaaraa fi Salaataa

Utubaaleen Islaamaa Shan:-

1- Allaahin malee Haqaan gabbaramaan hin jiru jedhanii Ragaa bahuu.

2- Salaata Qajeelaan Salaachuu

3- Zakaa kennuu

4- Ramadaana Soomuu

5- Sirna Hajjii Gaggeessuu

1

XAHAARAA/QULQULLINA

Salaanni utubaa Islaamaa isa lammaffaati.

Xahaaran malee salaatuun hin gayu.

Xahaaran kan godhamu ammoo:-

- ✓ bishaani fi
- ✓ biyyee qofaani.

1

XAHAARAA/QULQULLINA

Xahaaraa jechuun:- waan xuraayaa taye hundarraayyuu Qulqullaayuu jechuu dha.

Xahaaraa jechuun wantoota sadih of keessatti hammata

1- Qulqullina qaamaa,

2- Qulqullina Uffataa fi

3- Iddoon Salaata itti Salaatan Qulqulluu tayuu

Xahaaraan yookiin Qulqullinni cinaa (qixxee) iimaanaati.

1

Gosa Bishaanii:
Gosti Bishaanii lama. Isaanis:-

1) Xaahira: Kun bishaan ufii qulqulluu ta'ee fi waan biraas qulqulleessu. Hadasa namarraa kaasuu fi najisa namarraa adeemsisuuf gargaara.

2) Najisa: Kun yoo xiqqaa ta'e waan najisni isa tuqe.

Yoo baay'ee ta'e ammoo waan sababaa najisa isa keessa bu'eetin dhandhamni, ykn bifti, ykn hafuurri isaa yoo jijjiirame.

1

Yaadannoo:

Bishaan guddaan yoo najisni haallin isaa- bifa, dhandhamtii fi hafuura isaa- keessaa tokko jijjiire malee hin najisu.

Bishaan xiqqaan garuu najisni isa tuquu qofaan ni najisaaya.

Bishaan guddaa kan jedhamu yoo qullata lama (naannoo litira 210) caale.

1

2

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

2

Mi’oota (Meeshota):

Meeshan hundi xaahira waan ta’eef itti fayyadamuun ni danda’ama; yoo mi’a warqii fi meeta irraa hojjatame ta’e malee.

Mi’oota warqii fi meetatis xahaaraa yoo godhan cubbuu qaba malee xahaaran inuma ga’a.

Mi’aa fi uffata kaafiraatti fayyadamuun ni hayyamama; yoo najisaa’uu isaanii beekne malee.

2

Istinjaa:

Kun waan "qubula" (qaama fincaanii) ykn "dubura" (qaama sagaraa/udaanii) irraa ba'u adeemsisuudha.

Yoo bishaanin ta'e **"istinjaa"** jedhama; yoo dhagaan ykn waraqaan ykn waan isaan fakkaataniin ta'e "istijmaar" jedhama.

Istijmaara qofa irratti geeffachuuf wanti ittiin godhu sun qulqulluu, hayyamamaa, qulqulleessaa, kan hin nyaatamne, dhagaa sadihii fi sanaa oliin ta'uu qaba.

- Istinjaan ykn istijmaarri waan ba'u hundaaf dirqama ta'a.

2

- **Nama hajaa isaa ba'uuf wantoota jibbaman:**

1- waan maqaa Rabbii ufirraa qabu qabatee seenuu,

2- yeroo hajaa ba'u haasa'uu,

baqaqa fi fakkaataa isaa keessatti fincaayuu,

harka isaa mirgaatin qaama saalaa tuquun,

mana fincaanii keessa ta'anii gara qiblaa gara galuun dhoorgamaadha. Yeroo Rakkoof taye garuu hunduu ni heyyamama.

- **Nama hajaa isaa ba'uuf wantoonni jaalataman:** lakkofsa dhiqannaa ykn haxaa'uu keessatti qara gochuu fi bishaani fi dhagaa lamaanuu walitti qulqullinaaf itti fayyadamuu.

2

Nama hajaa isaa ba'u ykn Qulqulleeffatu irratti wantoota Dhoorgamaa ta'an:

1- Yeroo isa barbaachisu caalaa achirra turuu dhabuu dha,

2- Karaa bishaan ittiin bu'u irratti,

3- Karaa namni deemu irratti,

4- Gaaddisa jala taa'amu jalatti,

5- Muka firiin irraa nyaatamu jalatti,

6- Gara Ka'abaa (qibla) gara galanii hajaa ba'uun dhoorgamaa dha.

2

- **Gogaa baktii:**

Walumaa galattuu najisa. Baktiin bifa lama:

1) Kan gonkumaa foon isaa hin nyaatamne.

2) Kan foon isaa nyaatamu ta'ee isa hin halaalfamin (hin gorra'amin).

Inni foon isaa nyaatamu kan hin halaalfamin gogaan isaa yoo duugame (hallame) jiidhatti odoo hin ta'in gogatti itti fayyadamuun ni ga'a.

2

- **Siwaaka (Rigaa Ilkaanii):**

Muka laafaa akka aadetiin ilkaan rigachuun (siwaakachuun) sunnaadha. Yeroo sagadaa, yeroo Qur'aana qara'an, yeroo wuduu'aa afaan shafachuu dura, yeroo hirriba irraa dammaqan, yeroo masjiida ykn mana seenan, yeroo hafuurri afaanii jijjiiramuu fi kkf ilkaan rigachuun sunnaadha.

- Siwaaka fi xahaaraa keessatti gama mirgaatin

jalqabuun, waan hin jaalatamne adeemsisuu

keessatti ammoo harka bitaatti fayyadamuun sunnaadha.

2

- **WUDUU'A:**
- **Arkaanni (Utubaan) isaa:**
- **1)** fuula dhiqachuu, afaan shafachuu ykn lulluuqachuu fi funyaanitti ol fuudhachuun isa irraayi.
- **2)** Harka lamaan daangaa qubbiinii irraa hanga ciqileetti dhiqachuu.
- **3)** Mataa hunda hanga gurra lamaan wajjin haxaa'uu.
- **4)** Miilla lamaan koronyoo wajjin dhiquu.
- **5)** Tartiiba eeguu.
- **6)** Walitti aansuudha.

3

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

3

Arkaana (Utubaa) Wuduu'aa:

1) fuula dhiqachuu, afaan shafachuu ykn lulluuqachuu fi funyaanitti ol fuudhachuun isa irraayi.

2) Harka lamaan daangaa qubbiinii irraa hanga ciqileetti dhiqachuu.

3) Mataa hunda hanga gurra lamaan wajjin haxaa'uu.

4) Miilla lamaan koronyoo wajjin dhiquu.

5) Tartiiba eeguu.

6) Walitti aansuudha.

3

Sunnaawwan Wuduu'aa:

Siwaaka (rigaa) fayyadamuuj alqaba ganaa harkaa lamaan dhiqachuu,

- fuula dhiquu dura afaan lulluuqachuu fi funyaanitti ol fuudhuu dursuu,
- nama soomu yoo hin ta'in sirritti afaan lulluuqachuu fi bishaan funyaanitti ol fuudhuu,

3

Sunnaawwan Wuduu'aa:

areeda furdaa keessa sirritti dhiquu,
qubbiin addaan baasanii dhiqachuu,
qaama mirgaa dhiquun jalqabuu,
lamaa fi sadi irra deebi'anii dhiquu,
mirgaan funyaanitti ol fudhachuu fi bitaan gadi deebisuu,
riganii dhiqachuu,
wuduu'a guuttachuu,
sana booda du'aa'ii nabiyyii (ﷺ) irraa argame gochuudha.

3

Akkaataa Wuduu'aa:

Onneen niyyachuu,
ergasii 'bismillaah' jechuu fi ganaa fi duuba harka jalaa dhiquu,
ergasii afaan lulluuqachuu fi bishaan funyaanitti ol fudhachuu,
ergasii fuula dhiqachuu (daangan isaa: dheerinnatti iddoo rifeensi mataa jalaqabu irraa hanga areedaa fi bal'innatti gurraa hanga gurraa ti),
ergasii harka ciqilee guutuu wajjin, ergasii mataa gubbaa daangaa fuulaa irraa hanga lum'eetti /qolli gurraa isarraa lakkaa'ama/,
quba akeektuu qaawwa gurraa keessa seensisee quba abbudduutin duuba haxaa'uu,
ergasii miila isaa koronyoo wajjin dhiqachuu qaba.

3

Waajibni isaa: Isa dura "bismillaah" jechuu, nama hirriba halkanii irraa dammaqe yoo ta'e, bishaan keessa cuuphuu isaatiindura ganaalee isaa al sadi dhiqachuu qaba.

Yaadachiisa: Afaan lulluuqachuun bishaan afaan keessa oofuu dabalachuu qaba. Bishaan gara funyaanii ol fuudhun harkaan qofa odoo hin ta'in hafuuran bishaan gara funyaanii seensisuu dabalachuu qaba. Bishaan gadi deebisulleen akkasuma; lamaanuu bifa kanaan malee sirrii hin ta'an.

3

Wuduu'a keessatti wantoota jibbaman:

Bishaan qorraan ykn danfaan wuduu'a godhachuu,
qaama tokko al sadhii ol dhiqachuu,
bishaan qaamarraa fixiruu, ija keessa dhiquu.
Wuduu'a booda fooxan gogfachuun garuu hayyamamaadha.

3

Yaadachiisa:

Areedni haphii yoo ta'e, gogaa isa jalaa dhiquun dirqama ta'a.
Yoo furdaa ta'e garuu gubbaa isaa qofatu dhiqama.

3

Kophee gubbaa haxaa'uu:

"Kuffi" (kopheen) waan miillatti godhatamu kan gogaa fi waan sana fakkaatu irraa hojjatamu.

Waan akka suufaa fi san fakkaatan irraa yoo ta'e Arabiffaan "Jawraba" jedhama.

Hadasa xiqqaaf qofa lamaanuu gubbaa haxaa'uun ni hayyamama.

3

Haxaa'uuf ulaagaaleen guutamuu qaban jiru:

1) kopheewwan sun yeroo godhataman xahaaraa guutuu qabaachuu (erga miilla lamaanuu dhiqatanii booda ta'uu);
2) Xahaaraan isaa bishaanin ta'uu;
3) Kopheen lachuu iddoo dhiquun dirqama ta'u haguuguu;
4) Kopheewwan waan hayyamame irraa hojjataman ta'uu;
5) Kopheewwan qulqulluu ta'uudha.

3

Yeroo hanga haxaa'amuu: Nama biyya ufii jiruuf guyyaa tokkoo fi halkan tokko; nama imala sagada gabaabsun isaaf hayyamamu (dheerina km 85 fi caalu) irra jiruuf guyyaa fi halkan sadi haxaa'uun isaaf hayyamama.

Jalqaba haxaa'uu: Nama biyya jiruuf, hadasa irraa qulqullaayee erga godhatee booda haxaawwii jalqabaarraa kaasee hanga borumtaa yeroo sanaatti (sa'aatii 24).

Kophee irraa hanga haxaa'amu: Gubbaa ol aanu quba miilaa irraa hanga koronyoo oliitti haxaa'amuu qaba.

Kan haxaa'amu qubbiin harkaa diriirsunii fi addaan banuun ta'uun irra jira.

Qabxii Ijoo: Namni imala irratti quyyisee ergasii gara biyyaa deebi'e, ykn biyyatti quyyisee ergasii imala deeme, ykn yoom haxaa'uu akka jalqabe shakke, akka nama biyya jiruutti quyyisa.

1

4

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

4

Kophee irraan Haxaayuu:
Qabxiilee Ijoo:

1) Kophee mirgaa dursuu dhiisanii lamaanuu bakkuma tokko haxaa'uu;

2) Kophee jalaa fi duubas haxaa'uun hin ajajamne;

3) Kophee bakka haxaa'uu dhiquunis ta'ee irra deddeebi'anii haxaa'uun jibbamaadha;

4) Amaama fi guftaa dubartii irra hedduu isaa haxaa'uun dirqama.

4

Kophee irraan Haxaa'uuf ulaagaaleen guutamuu qaban:

1) kopheewwan sun yeroo godhataman xahaaraa guutuu qabaachuu (erga miilla lamaanuu dhiqatanii booda ta’uu);
2) Xahaaraan isaa bishaanin ta’uu;
3) Kopheen lachuu iddoo dhiquun dirqama ta’u haguuguu;
4) Kopheewwan waan hayyamame irraa hojjataman ta’uu;
5) Kopheewwan qulqulluu ta’uudha.

4

Guftaan ammoo yoo ulaagaalee kanatti aanu guute haxaa'ama:

1) Dubartiif ta'uu;
2) Morma jala irraa jalqabee maramuu;
3) Hadasa xiqqaaf ta'uu;
4) Xahaaraan kan godhamu bishaanin ta'uu;
5) Mataa irraa kutaa haxaa'amu hunda haguuguudha.

4

Amaamaa (waan maratan):

Yoo ulaagaaleen kanatti aanan guutaman amaamaa gubbaa haxaa'uun ni danda’ama:

1) Dhiiraaf ta’uu;
2) Mataa haxaa'amu haguuguu;
3) Kan haxaa'amu hadasa xiqqaa irraa ta’uu;
4) Xahaaran kan godhamu bishaanin ta’uudha.

4

Wantoota Wuduu'a Diigan

1) Wantoota bakka fincaani fi sagaraan ba'aniin ba'an kan xahaara ta'an akka dhuufu fi maniyyii ykn kan najisa ta'an akka fincaani fi maz'yii

2) Hirribaa fi gaggabdoon sammuun deemuu; hirriba xiqqaa taa'anii ykn dhaabbatanii muganiin garuu hin diigamu

3) Fincaanis ta'ee sagaraan bakka isaanitiin ala yoo ba'an

4) Wantoonni najisa ta'an (kan fincaani fi sagaraa hin ta'in) kan akka dhiiga baay'ee fokkisaan qaama keessaa ba'uu

5) Foon gaalaa nyaachuu

4

6) Odoo waa gidduu hin jirre qaama saalaa harkaan tuquu

7) Dhiirri qaama dubartii ykn dubartiin qaama dhiiraa odoo gidduu waa hin jirre miira fedha qunnamtiitin tuquu

8) Amantii irraa deebi'uu /kafaruu/ dha. Namni qulqullummaa mirkaneesse fi hadasaan tuqamuu ykn faallaa kanaa shake isa mirkanaayaa irra haa deemu.

Dhimmi kun mazhaba Hanbalii keessatti malee mazhaboota biyya keenyaa keessatti baay'inaan itti hojjatamuun hin balleessu.

Qabxiin kun mazhaboota giddutti mormii guddaa qaba.

Kan asitti dhiyaate isa mazhaba tokkoo qofa.

Gama ragaatin yoo bishaan keessaa hin ba'in hin balleessu.

4

Dhiqannaa Qaamaa:

Wantoota Dirqama Isa Godhan:

1) Nama hin rafin irraa maniyyiin mi'aa fi humnaan, ykn rafe irraa mi'aan ykn sanaan ala ba'uu;

2) Qaamni saala dhiiraa farjii dubartii keessa seenuu yoo dhangalaasuu baates

3) Islaama seenuu kaafiraa odoo murtaddii ta'ellee

4) Ba'uu dhiiga xurii ji'aa

5) Ba'uu dhiiga dahaa

6) Muslimni du'uudha.

1

5

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

5

Murtii Dhiiga Uumamaa Kan Dubartii (Xurii fi Istihaadaa)

Dhiiga Aadaa (Xurii Laguu): dhiiga uumamaa ta'ee kan dubartiitti dhukkubaa fi dahiinsaan maleetti itti dhufu yoo ta'u,

Istihadaan immoo: dhiiga yeroo isaa malee sababa dhukkubaatiin, yeroo xurii utuu hin eegin irraa dhangala'uudha.

Garaagarummaan isaan lamaan jidduu jiru dhiigni xurii diimaa kan gurraachatti achi dhihaatu yoo ta’u,

istihaadaan immoo diimaa dhiiga funuunaa fakkaata.

Dhiiga Dahumsaa: Dhiiga yeroo dahumsi kalaayu yookin dubartiin deettu itti dhufu.

5

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Umrii xiqqaa fi guddaa dubartiin keessatti xurii argitu	**Xiqqaan isaa waggaa sagali; yoo san dura dhiigni farjii isii keessaa ba’e inni istihaadaadha.** Inni guddaan daangaa hin qabu.
Guyyaan xiqqaan xuriin turuu	Guyyaa tokkoo fi halkan tokko (sa’aatii 24). Yoo sanaa gadi ta’e istihaadaadha.
Guyyaan guddaan xuriin turu	Guyyoota kudha shani. **Yoo dhiigni ba’u kanaa ol ture, sun istihaadaadha.**

5

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Yeroon qulqullina xurii lamaa gidduu	**Guyyoota kudha sadi.** Odoo guyyoonni kun hin guunne yoo mul'ate istihaadaadha.
Hedduun yeroo xurii dubartii	Guyyoota jaha ykn torba.
Hedduun yeroo qulqullina dubartii	Guyyoota diigdamii sadi ykn diigdamii afuri.

5

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Dhiigni yeroo ulfaa mul'atu xurii dhaa?	Dhiigni daalachi ykn boorri dubartii ulfaa irraa ba'u istihaadaadha.
Dubartiin xurii irraa xahaara tayuu isii kan beektu yoomi?	**Kanarratti bifa lamatu jira:** **1)** Yoo yeroo xuhrii jiidha adii kan argitu **2)** Yoo jiidha adii hin argin, farjiin isii dhiiga diimaa, gurraachaa fi daalacha irraa goguuni.

6

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

6

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Dhiiga yeroo xuhrii farjii dubartii keessaa jigu	Qal'aa yoo ta'e, ykn adii fi kan walitti maxxanu yoo ta'e, qulqulluudha. Dhiiga fi boorayaa yoo ta'e garuu najaasaadha. Hunduu garuu wuduu'a ni balleessa. Yoo addaan cituu baate dhiiga dhukkubaa ta'a.
Dhiigni gurraachi ykn daalachii farjii ba'u maali?	Yoo xuriin walitti aane, duras ta'e booda, xuriidha. Yoo gara gara ta'e istihaadaadha.

6

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Dubartiin ji'a ji'aan guyyaa beekamaa itti qulqullooftu qabaattee odoo guyyaan isiin qulqullooftu hin guutamin qulqulloofte akkami?	Yoo dhiigni citee qulqulloofte odoo guyyaan akka aadaatti isiin keessatti dhiiga argitu xumuramuu baatellee isiin qulqulluudha jedhamti.
Xuriin yeroo baratame irra dursuun ykn barfachuun akkami?	Yoo haallin xurii isa keessatti mirkanaaye, yeroo kamillee xurii dha; waan yeroo gidduu dhiiga lamaanii jiru **guyyoota kudha sadi (yeroo xuhrii xiqqaa)** caalen. Yoo akkas hin ta'in istihaadaadha.
Yoo xuriin yeroo isaa kan baratame irra caale ykn hirdhate maal ta'a?	Waan yeroo xurii kan irra guddaa (guyyoota kudha shan) hin caaliniin xurii dha.

6

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Dubartiin yeroo dheeraa akka ji'a guutu fi sanaa oliitif dhiigni irraa jige akkam taati?	**Haala adda addaa qabdi:** **1)** Isiin ji'arraa yeroo xuriin itti dhufuu fi lakkoofsa guyyaa isaas beektu, dhiigni isii kan beekamus ta'e, kan hin beekamne, yeroo hanga xuriin irra turuu san lakkooftee taa'uu qabdi. **2)** Isiin ji'arraa yeroo xuriin isii itti dhufu beektu tan ufii lakkoofsa guyyaa isaa hin beekne, isiin tun guyyoota jaha ykn torba (kan warra irra hedduu) guyyama beekte sanirraa. **3)** Isiin lakkoofsa guyyaa xurii isii beektu, tan garuu ji'arraa guyyaa inni itti dhufu hin beekne, isiin jalqaba ji'a baatii hundarraa hanga lakkoofsa beektuu taa'uu qabdi.

6

DHIIGA DAHAA

Qabxii Gaafii	Murtii (Hukmii Isaa)
Dubartiin yoo deettee dhiiga hin argin	Hukmiin dubartii deessee isii qabatu; dhiqannaan dirqama itti hin ta'u; soomni isiis hin hiikamu.
Yoo mallattoowwan dahaa argite	Yoo yeroo murtaa'e dura dhiiga fi bishaan dhukkubbii wajjin argite, hukmiin dubartii deettee isii hin qabatu; sun istihaadaadha.
Dhiigni yeroo da'uumsaa dubartii irraa ba'u	Kun dhiiga dahaa ti; odoo daa'imni bayuu baatellee ykn sana booda bayellee jechuudha. Sagada yeroo san keessa dubartii irra taru qadaa baasun dirqamaa miti
Guyyaa dhiiga dahaa lakkaa'un kan jalqabamu yoomi?	Erga ulfi garaa keessaa gara dachiitti bu'e booda.
Xiqqaan dhiiga dahaa hangam tura?	Kun daangaa hin qabu; yoo deettee bakkumatti dhiigni isii dhaabbates, dhiqattee sagaduu qabdi malee guyyaa afurtama eeguu hin qabdu.

6

Gaafii	Hukmii (Murtii) Isaa
Guddaan dhiiga dahaa hangam tura?	Guyyaa afurtama; yoo san caale hin ilaalamu. Yoo xurii isii kan daya duraatin wal madaale fi xurii ta'a jedhamee yaadame malee dhiqattee sagaduun dirqama ta'a.
Dubartiin lakkuu ykn lamaa ol deette	Guyyaan dhiiga dahaa lakkaa'amuu kan jalqabu erga isiin ilma jalqabaa deette booda.
Dhiigni daa'imni du'ee garaa ba'e booda jiru	Yoo umriin daa'ima garaa ba'ee guyyaa 80 fi sanaa gadi ta'e, dhiigni san booda jiru istihaadaadha. Yoo guyyaa 90 ol ta'e, dhiiga dahaa ta'a. yoo gidduu guyyaa 80 fi 90 ta'e, hukmiin isaa uumama daa'imaa irratti rarra'a. Yoo khilqaa namaa ta'e, dhiigni san boodaa kan dahaa ti. Yoo uumaa namaa hin qabaatin dhiiga istihaadaa ta'a.
Yoo odoo guyyoota afurtama hin guutin qulqullooftee, ergasii yeroma sana keessa dhiigni itti deebi'e	Yoo dhiigni dahaa guyyoota afurtama keessatti irraa deeme sun xuhrii dha; dhiqattee sagaduu qabdi. Yoo guyyoota afurtamman san keessa dhiigni itti deebi'e, sun hukmii dhiiga dahaattu isaaf kennama; hanga guyyaan afurtamaa xumuramutti jechuudha›

6

- **Yaadannoowwan:**
- ◗ Dubartiin mustahaadaa taate tokko sagaduun isii irratti dirqama; garuu sagada hundaaf wudu'achuu qabdi.
- ◗ Dubartiin takka odoo aduun hin seenin dura dhiiga xurii fi dahaa irraa yoo qulqulloofte, sagada Zuhrii fi Asrii guyyaa sanaa sagaduun isii qabata. Yoo odoo fajriin hin bayin dura qulqulloofte ammoo sagada Maghriiba fi Ishaa'ii halkan sanii sagaduu qabdi.
- ◗Dubartiin takka erga yeroon sagadaa seene booda odoo hin sagadin dhiiga xurii ykn dahaa yoo argite, qadaa baasun isii hin qabatu.
- ◗ Dubartiin yeroo dhiiga xurii fi dahaa irraa dhiqattu, mataan isii dhayamaa yoo ta'e hiikkachuun dirqama. Janaabaa irraa yoo dhiqattu garuu hiikkachuun dirqama itti hin ta'u.
- ◗ Dubartiin dhiiga xurii fi dahaa irra jirtu qunnamtii saalaa gochuun haraama. Waan sanaa ala ta'een itti fayyadamuun garuu hayyamamaadha.

6

- ◗ Dubartiin istihaadaa irra jirtu qunnamtii saalaa gochuun jibbamaadha; garuu yeroo dhirsi akkaan itti dhimmame ni hayyamama.
- ◗ Dubartiin mustahaadaa taate, sagada hundaaf yoo dhiqatte jaallatamaadha. Yoo dadhabde, sagada Zuhrii fi Asrii, dhiqannaa tokkoon, akkasumas Maghriiba fi Ishaa'ii dhiqannaa tokkoon walitti qabuu dandeetti.
- ◗ Fajriif kophatti dhiqatti. Kanaaf, guyyaa fi halkan tokkotti al sadi dhiqatti. Yoo hin dandeenye, guyyaatti al tokko dhiqachuun sagada hundaaf wuduu'a gooti. Yoo kanas dadhabde, dhiqannaa xurii erga dhiqattee booda sagada hundaaf wuduu'a gooti.
- ◗ Dubartiin tokko sirnoota Hajjii fi Umraa raawwachuuf, ykn sooma Ramadaanaa guuttachuuf qoricha xurii yeroof kutu fudhachuu ni dandeessi. Kun yoo qorichi rakkoo qabaachuudhabuun isaa mirkaayerdha.

1

7

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

7

- Dubartiin istihaadaa irra jirtu qunnamtii saalaa gochuun jibbamaadha; garuu yeroo dhirsi akkaan itti dhimmame ni hayyamama.
- Dubartiin mustahaadaa taate, sagada hundaaf yoo dhiqatte jaallatamaadha. Yoo dadhabde, sagada Zuhrii fi Asrii, dhiqannaa tokkoon, akkasumas Maghriiba fi Ishaa'ii dhiqannaa tokkoon walitti qabuu dandeetti.
- Fajriif kophatti dhiqatti. Kanaaf, guyyaa fi halkan tokkotti al sadi dhiqatti. Yoo hin dandeenye, guyyaatti al tokko dhiqachuun sagada hundaaf wuduu'a gooti. Yoo kanas dadhabde, dhiqannaa xurii erga dhiqattee booda sagada hundaaf wuduu'a gooti.
- Dubartiin tokko sirnoota Hajjii fi Umraa raawwachuuf, ykn sooma Ramadaanaa guuttachuuf qoricha xurii yeroof kutu fudhachuu ni dandeessi. Kun yoo qorichi rakkoo qabaachuudhabuun isaa mirkaayerdha.

7

SALAATA

Azaana fi Iqaamaa:

- Biyya keessa jiraatan keessatti dhiira irratti "fardu kifaaya" dha.
- Nama kophaa sagaduu fi musaafira ta'e irratti sunnaadha.
- Dubartiif garuu Azaanni jibbamaadha.
- Odoo yeroon sagadaa hin geenye dura hin godhamu.
- Sagada fajriitif garuu azaanni jalqabaa walakkaa halkanii booda irraa jalqabee godhamuu ni danda'a.

7

Ulaagaalee Salaataa

- 1) Muslima ta'uu
- 2) Sammuu qabaachuu
- 3) Umrii addaan waa baafachuu (ga'eessummaa ga'uu)
- 4) Yoo danda'ame xahaaraa qabachuu

8

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

8

Ulaagaalee Salaataa

- 1) Muslima ta'uu
- 2) Sammuu qabaachuu
- 3) Umrii addaan waa baafachuu (ga'eessummaa ga'uu)
- 4) Yoo danda'ame xahaaraa qabachuu

8

Ulaagaalee Salaataa

- **5)** Yeroon seenuu:
- **Yeroon Zuhrii** aduun qixxee irra dabruu irraa kaasee hanga gaaddisni waan tokkoo isaan qixa ta'utti;
- Ergasii **yeroo Asrii** ti; yeroon filatamaan isaa hanga gaaddisni dachaa waan sanaa ta'utti; ergasii hanga dhiyutti yeroo rakkoo ti.
- Ergasii **yeroo Maghriibattu** seenee hanga ifnanti diiman (shafaqal ahmar) badutti tura.
- Sana booda **yeroo Ishaa'ittu** seena; yeroon filatamaan isaa hanga walakkaa halkanii ti. Ergasii yeroon rakkoo hanga fajriin ba'utti itti fufa.
- Ergasii hanga aduun baatutti **yeroo salaata fajriiiti**.

8

Ulaagaalee Salaataa

- 6) Yoo danda'ame, awraa (qaama dhokataa) waan qaama hin mul'ifneen dhoksuu; Awraan dhiira ga'eessa umrii kudhanii fi sanaa olii jidduu handhuuraa fi jilbaati. Dubartiin ga'eettiin bilisa taate sagada keessatti fuula isii malee qaamni isii marti awraadha.
- 7) Yoo danda'ame qaama, uffataa fi bakka sagada isaa najaasaa irraa fageessuu.
- 8) Dandeettii qabaannaan gara qiblaatti garagaluu
- 9) Niyyaa.

1

9

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

9

Rukniiwwan Salaataa:

- Rukniiwwan kudha afurtu jira:
- 1) Salaata fardii irratti yoo danda'ame dhaabbachuu
- 2) Takbiiraa Ihraamaa
- 3) Faatihaa qara'uu
- 4) Rak'aa hundarratti rukuu'a gochuu
- 5) Isarraa ol jedhuu

9

Rukniiwwan Salaataa:

- 6) Rukuu'a (gadi dhuldhuluu) booda qajeelanii dhaabbachuu
- 7) Qaama torba irratti sujuuda godhuu
- 8) Gidduu sujuuda lamaanii taa'uu
- 9) Tashahhuda dhumaa
- 10) Tashahhuda dhumaatiif taa'uu
- 11) Tashahhuda dhumaa keessatti nabiyyii (ﷺ) irratti nagaa fi rahmata buusuu
- 12) Salaamtaa duraa
- 13) Rukniiwwan dalagaa keessatti tasgabbii qabaachuu
- 14) Rukniiwwan kanniin dabareen raawwachuudha.

9

- Rukniiwwan kunniin sagadni isaan malee hin ga'u.
- Beekaas ta'ee odoo hin beekin rukniin tokko yoo dhiifame, sagadni ni bada.

9

Rukniiwwan Salaataa:

- Rukniiwwan kudha afurtu jira:
- 1) Salaata fardii irratti yoo danda'ame dhaabbachuu
- 2) Takbiiraa Ihraamaa
- 3) Faatihaa qara'uu
- 4) Rak'aa hundarratti rukuu'a gochuu
- 5) Isarraa ol jedhuu

9

Rukniiwwan Salaataa:

- 6) Rukuu'a (gadi dhuldhuluu) booda qajeelanii dhaabbachuu
- 7) Qaama torba irratti sujuuda godhuu
- 8) Gidduu sujuuda lamaanii taa'uu
- 9) Tashahhuda dhumaa
- 10) Tashahhuda dhumaatiif taa'uu
- 11) Tashahhuda dhumaa keessatti nabiyyii (ﷺ) irratti nagaa fi rahmata buusuu
- 12) Salaamtaa duraa
- 13) Rukniiwwan dalagaa keessatti tasgabbii qabaachuu
- 14) Rukniiwwan kanniin dabareen raawwachuudha.

9

Dirqamoota Sagadaa

- **Dirqamoota Sagadaa:** Isaan saddee ti:
  - 1) Takbiirawwan isa takbiiraa ihraamatiin ala jiru
  - 2) Jecha ‘sami’allaah liman hamidah’ imaama fi nama kophaa salaatuf;
  - 3) Yeroo rukuu’a irraa ol jedhan jecha ‘Rabbanaa walakal hamdu’ jechuu
  - 4) Rukuu’a keessatti al tokko ‘subhaana Rabbiyal aziim’ jechuu;
  - 5) Sujuuda keessatti jecha ‘Subhaana Rabbiyal a’ilaa’ jechuu;
  - 6) Gidduu sujuuda lamaanitti jecha ‘Rabbighfir lii’ jechuu;
  - 7) Tashahhuda jalqabaa;
  - 8)Tashahhudaaf taa’uudha.

10

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

10

Qooda Dubartiin Amantii Islaamaa Keessatti Qabdu

Dubartiin mindaa keessatti akkuma dhiiraa yoo taatu, wal-caalmaan Rabbi biratti akkaataa limaanaa fi hojiitiini.

Rasuulli (ﷺ) akkana jedhan : ***"Dubartiin Tiruu (obbolaa) Dhiiraati"*** (Abuu Daawuud).

Kanaaf Dubartiin haqa ishee falmachuu, akkasumas miidhaa irra ga'e ofirraa kaasuuf tattaafachuu dandeessi, kunis Ibsi amantichaa dhiiraa fi dubartii walitti qabatee waan dhufeef, bakka amantichi addaan baasetti malee addaan baasuun hin ta'u.

Innis murtiiwwan qubaan lakkaawaman yoo ta'u, haala Rabbi uumama isaaniitii fi dandeettii isaanii addaan baase ilaalchisee Rabbi(ﷻ)akkana jedha:

"Inni uume waan uume sana hin beeku seetuu?!innoo hunda beekaa fi keessa beekaadhaa" al-mulk : 14

10

- Kanaafuu Dubartiin dalagaa dhiirarraa ittiin addaan baatu qabdi, akkuma dhiirris dalagaa dubartiirraa ittiin addaan ba'u qaba.
- Yoo isaan lamaan keessaa abbaan tokko dalagaa isa kaanii keessa seene madaalliin jireenyaarratti dhiibbaa fida.
- Islaamni Sadarkaa dubartootaa eeguun kabajaa fi haqa isiif tayuu qabu hedduu ibse.

10

- Haqa dubartiin dhaalarraa argattu kennuufiin dirqama waan ta'eef dhorkachuun hinta’u.
- Rasuulli (ﷺ) akka jedhan: ***"namticha haqa dubartiin dhaalarraa qabdu dhorkate Rabbimmoo dhaala Jannataa irraa isa dhorkatu malee hin hafu"*** jedhan (Ibn Maajah).

10

- Akkasumas Amantiin Islaamaa dubartii fira taatetti nama tola ooluuf mindaa guddaa kaa'eef.
- Akkuma Rasuulli(ﷺ)jedhan: ***"namni ijoollee durbaa lama Ykn obboleettiiwwan isaa lama ykn firoottan isaa keessaa lama hanga Rabbi sadarkaa tokkorran isaan ga'ee of-danda 'anitti isaan soore, abiddaa kan isa dhorkan ta'an malee hin hafan"*** jedhan (Ahmadii fi Xabaraanii).

11

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

11

Qooda Dubartiin Amantii Islaamaa Keessatti Qabdu

Amantii Islaamaa keessatti dubartiin Seenaa hojjatte heddu.

- Seenaa Ummu Suleeymii fi Abuu Xalhaa
- Obsa keessatti dubartootaaf hidhannoo gaarii taate

11

- Guddisa Ijoollee Keessatti Haala Ergamaan Rabbii S.A.W ijoollee itti kunuunsan hubachuun baay'ee barbaachisaa dha.
- Seenaa Abuu Umeeyrii fi ijoollummaa

11

- Dubartiin manuma keessa teessee mindaa dhiirri argatu argatti Asmaa intala Yaziid kan jedhamtu utuu Rasuulli(ﷺ)sahaabota isaanii wajjin taa'anii jiranii itti dhuftee akkana jette:
- "Yaa ergamaa Rabbii(ﷺ) haatikoo fi abbaan koo fidaa siif haa ta'anii, ani dubartootatu bakka na buufannaanin dhufe, anis lubbuun koo fidaa akka siif taatu beeksisaa dhufiinsa koo kana dubartiin kamiyyuu yoo dhageesse na deggertu malee akka hin hafne abdiin qabaa, Rabbi(ﷻ)gara Dhiiraaf Dubartiitti si erginaan sitti amannee, gooftaa si ergettis amannee, nuti warri dubartootaa mana keessan keessa kan teenyu taanee, bakkaan ga'oota fedhii keessanii, baattota ilmaan keessanii taanee, isin warri jumu'aa fi jamaa'aadhaan, dhukkubsataa gaafachuu, du'aa geggeessuu, hajjii walirratti gochuun, kan kana caalummoo jihaada karaa Rabbiirratti bahuun nu caalchifamtaniittu…

11

- Kanumaa wajjiin yeroo isin hojii kanarratti bobbaatana hunda mana keessaniifi horii keessan isinii eegna, ilmaan keessan isinii guddifna, mindaa garuu isin qofatu argata" jennaan
- Rasuulli(ﷺ)fuulaan gara sahaabota isaanii gara-galuun "takkaa jecha dubartii keessaa kan jecha dubartiin kun waa'ee amantiisee gaafachuuf jette caalu dhageessanii beektuu?" jedhanii gaafannaan "nuti dubartiidhumti qajeeltee, waan akkanaa dubbatti jennee hin yaadne" jedhaniin
- Itti fufa…

12

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

12

Seenaa gaafii Asmaa intala Yaziid ... Ergaamaa Rabbiitiif dhiheessite

Kanumaa wajjin yeroo isin hojii kanarratti bobbaatan hunda mana keessanii fi horii keessan isinii eegna, ilmaan keessan isinii guddifn, mindaa garuu isin qofatu argata" jennaan

- Rasuulli(ﷺ)fuulaan gara sahaabota isaanii gara-galuun "takkaa jecha dubartii keessaa kan jecha dubartiin kun waa'ee amantiisee gaafachuuf jette caalu dhageessanii beektuu?" jedhanii gaafannaan
- "nuti dubartiidhumti qajeeltee, waan akkanaa dubbatti jennee hinyaadne" jedhaniin

12

- booda Rasuulli(ﷺ)itti gara-galanii ***"dhaqiitii dubartoota warra si erge sanaan, tokkoon keessan abbaa manaaf tola ooluun, waan inni barbaade bakkaan ga'uu fi jaalala isaa barbaaduun keessan mindaa dhiirri argatu hunda isaa isin argachiisa jedhiin"*** jedhan.
"achumaan dubartiin sun gammaddee fuula tolaa deebite" jedhe(Al-Bayihaqii).

12

- Yeroo tokko Dubartootni dhufanii;
- Yaa ergamaa Rabbii(ﷺ)"warri dhiiraa jihaada bahuun nu caalchifaman waan ta'eef dalagaan nuti ittiin nama jihaada bahu ittiin dhaqqabnu hin jiruu? Jennaan
- Rasuulli(ﷺ) akka jedhaniin: ***"Dalagaan isin mana keessan keessatti raawwattan sadarkaa warra jihaada bahuun isin qixxeessa"*** jedhan (Al-Bayihaqii).

12

- Akkasumas Amantiin Islaamaa dubartii fira taatetti nama tola ooluuf mindaa guddaa kaa'eef.
- Akkuma Rasuulli(ﷺ)jedhan: ***"namni ijoollee durbaa lama Ykn obboleettiiwwan isaa lama ykn firoottan isaa keessaa lama hanga Rabbi sadarkaa tokkorran isaan ga'ee of-danda'anitti isaan soore, abiddaa kan isa dhorkan ta'an malee hin hafan"*** jedhan (Ahmadii fi Xabaraanii).

12

Murtiiwwan Dubartootaan wal-qabatan keessaa

- Dhiirri tokko dubartii mahrama isaa hin ti'inii waliin qoobna'uun dhorkaadha Rasuulli(ﷺ)akka jedhan: ***"Dhiiri tokko dubartii mahrama isaa hin ta'in kamiyyuu waliin akka hin qoobnofne"*** (Bukhaarii fi Muslim)
- Mahrama jechuun nama tasuma fuuchuun haraama itti ta'u jechuudha; kan akka abbaa, akaakayyuu, akkasumaan hanga ol bahutti. Ilmis,ilmi ilmaas, akkasumaan hanga gadi bu'utti. Obboleessii fi obboleettiin akkasumas ilmaan isaanii. Eessumaaf wasiilli akkasumas abbaa abbaa manaa hanga ol bahutti, ilma isaa hanga gadi bu'utti. Abbaafi ilma, obboleessa hoosisaa, dhirsa intalaa,akkasumas dhirsa haadhaati.

12

- Dubartiin Masjiidatti sagaduu yoo barbaadde - yoo fitnaa sodaatte malee- ni hayyamamaaf, yoo fitnaa sodaatte ***"utuu Rasuulli(ﷺ)waan dubartootni amma baasan kana arganii silaa akkuma dubartootni ilmaan Israa'iil dhorkaman sana Masjiidarraa isaan dhorku turan"*** garuu, ni jibbama.
- Aa'ishaan akka jette: jette (Bukhaarii fi Muslim).
- Akkuma dhiirri yoo masjiidatti sagade mindaan isaa baay'atu, Dubartiinis yoo mana isheetti sagadde, mindaan ishee ni baay'ata.

12

- Dubartiin tokko Rasuulatti dhuftee ***"ani isniii wajjin sagaduun jaalladha" jennaan "akka ati naa wajjin sagaduu jaallattu beeka, garuu inni ati kutaa kee keessatti sagaddu isa ati goor-duuba keetti sagaddu sii caala. akkuma inni ati goor-duuba keetti sagaddu isa ati dallaa kee keessatti sagaddu caalu, inni ati dallaa kee keessatti sagaddummoo isa ati masjiida ganda keetiitti sagaddu sii caala, inni ati masjiida ganda keetiitti sagaddummoomasjiida kootti sagaduu sii caala"*** jedhaniin (Ahmad).
- Rasuulli(ﷺ) akka jedhan: ***"irra caalaan masjiida dubartootaa mana isaaniiti"*** (Ahmad).

13

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

13

Murtiiwwan Dubartootaan wal-qabatan keessaa

- Dubartiirratti yoo mahrama argatte malee Hajjiis ta'e umraan dirqama itti hin ta’u.
- Akkasumas mahrama wajjin yoo ta'e malee, imala bahuun isheef hin hayyamamu.
- Rasuulli(ﷺ)akka jedhan: ***"dubartiin tokko mahramaan maleetti deemsa halkan sadii olii hin deemin"*** (Bukhaarii fi Muslim).

13

- Dubartiin Qabrii zayyaruus ta'e du'aa geggeessuun iseedhaaf hin ta'u.Rasuulli akka jedhan: ***"dubartee Qabriitti deddeebitee ziyaartu Rabbi Abaareera",***
- Ummu Axiyyaan akka jette: ***"du'aa geggeessuurraa dhowwamneerra"*** (Muslim).

13

- Dubartiin Rifeensa mataa ishee bifa barbaaddeen dibachuu dandeessi, garuu gurraacha ta'ee nama ishee haasa'achuuf dhufu kan gowwomsu yoo ta'e ni jibbama.

13

- Haqa dubartiin dhaalarraa argattu kennuufiin dirqama waan ta'eef dhorkachuun hinta’u.
- Rasuulli (ﷺ) akka jedhan: ***"namticha haqa dubartiin dhaalarraa qabdu dhorkate Rabbimmoo dhaala Jannataa irraa isa dhorkatu malee hin hafu"*** jedhan (Ibn Maajah).

13

- Abbaan manaa haadha-manaa isaa haala beekamaan sooruunii fi uffisuun akkasumas bakka ofii jiraatu jiraachisuun dirqama irratti ta'a. Rabbi akkana jedha: *"Namni dureessi akkaataa durummaa isaatiin haa sooru. Namni sooranni isaa itti gabaabbates, waanuma Rabbiin isaaf kenne irraa haa sooru"* (Axxalaaq: 7).
- Yoo dubartiin abbaa manaa hin qabdu ta'e, abbaan ishee ykn obboleessi ykn ilmi ishee ishee sooruu qaba. Yoo fira hin qabaannemmoo namni biraan sooruun jaallatamaadha. Akkuma hadiisni kanaan gadii ibsutti: ***"namni dubartii abbaan manaa irraa du'ee fi hiyyeessa gargaaruutti fiigu akka namticha jihaada karaa Rabbiirratti duuluuti ykn akka namticha halkan dhaabbatee guyyaa soomuuti"*** (Bukhaarii fi Muslim).

13

- Dubartiin tokko hanga hin heeruminitti haqa mucaa ishee xiqqaa guddifachuu qabdi,
- Abbaan mucaa ammoo hanga mucaan ishii bira jirutti soorata haadhaaf dhiheessuun dirqama.

13

- Dubartiin tokko ofiin kaatee nagaa gaafachuun hin jaallatamu, keessumaayyuu yoo dargaggeettii yookin yoo fitnaan kan sodaatamu ta'e.

13

- Guyyaa Jumu'aa hunda Rifeensa naannoo qaama saalaa haaduu fi rifeensa bobaa buqqisuun jaallatamaa yoo ta'u, guyyaa afurtama caalaa tursiisuun immoo jibbamaadha.
- Rifeensa fuularratti biqilu buqqisuun nyaara dabalatee haraama.
- Rasuulli (ﷺ) akkana jedhan: ***"Dubartii nyaara buqqiftuu fi buqqifachiifattus Rabbi abaareera"*** (Abuu Daawuud).

13

Gufufa

- Dubartiin tokko yoo abbaa warraa isii ta'e malee nama du'e kamirrattillee guyyoota sadihii ol gadduu hin qabdu.
- Abbaa warraa ishee irratti garuu ji'a afurii fi guyyoota kudhan gufufuun dirqama ta'a.
- Gufufa isii keessatti uf miidhagsuu fi waan urgaa'u kan akka za'afaraani fi faaya odoo qubeelaallee ta'ee fi uffata bifti isaa miidhagina mul'isu kan akka diima fi daalachaa uffachuu dhiisuu qabdi.

13

- Hinnaa fi halluuwwaniin miidhaguu, kuulii gurraachan kuulachuu, waan urgaa'u dibachuu, kkf dhiisun irra jira. Garuu qeensa qorachuun, Rifeensa bobaa jalaa buqqisuunii fi qaama dhiqachuun isiif ni hayyamama. Uffata ilaalchisee halluu addaa kan akka gurraachaa uffachuun dirqama miti.
- Iddaa isii mana yeroo abbaan warraa isii du'u keessa jirtu keessatti fixachuu qabdi. Yoo dhimmaaf ta'e malee mana sana jijjiirun dhoorgamaadha. Yoo akkaan barbaachise malee guyyaa guyyaa mana isii irraa ba'uu hin qabdu.

13

- Dubartii yoo rakkinaaf ta'e malee rifeensa mataa ishee haaddachuun dhorkamaadha, gabaabfachuun garuu yoo dhiiratti ishee hin fakkeessu ta'e akka hadiisni kanatti aanee dhihaatu ibsutti homaa hin qabu,
- “Ergamaan Rabbii S.A.W Dubartii dhiiratti of fakkeessitu abaaraniiru" (Tirmizii).

14

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

14

Salaata Dhukkubsataa:

- Yoo dhaabbachuun dhukkubicha itti jabeessu ta'e ykn yoo hin danda'in, taa'ee haa salaatu.
- Kana yoo dadhabe, cinaa isaa irratti haa salaatu. Kanas yoo hin danda'in, duuyda isaa irra ciisee haa salaatu. Rukuu'a fi sujuuda gochuu yoo dadhabe, akeekkaa haa akeeku.
- Salaatota jalaa taran qadaa haa baasu. Sagada hunda yeroo isaanititti sagaduu yoo dadhabe, zuhrii fi asrii, akkasumas maghriiba fi ishaa'ii jam'ii godhatee bakka tokkotti sagaduu ni danda'a.

14

Salaata Imaltuu:

- Yoo dheerinni karaa deemuu km 80 fi sanaa ol ta'ee fi imalli isaa hayyamamaa ta'e, salaatota raka'aa afuri lamatti gabaabsuun ni danda'ama.
- Yoo iddoo deemu san guyyoota afurii ol (salaatota fardii 20) turuu niyyate, guyyaa achi ga'e irraa jalqabee sagada isaa guutuu qaba malee gabaabsuu hin qabu.
- Yoo musaafirri nama biyya jirutti hidhate, ykn sagada yeroo biyya jiru hin salaatin imala irratti yoo yaadate, ykn sagada imala irratti hin salaatin erga biyyatti deebi'e booda yoo yaadate, kana hunda keessatti sagada isaa guutuu qaba. Namni imala irra jiru sagada guutuu danda'a. Garuu kan caalu gabaabsu dha.

14

Salaata Jum'aa:

- Salaanni Jum'aa sadarkaan Zuhrii caala.
- Inni sagada uf danda'e malee Zuhrii gabaabsamee miti.
- Afur sagaduunis hin hayyamamu.
- Niyyaa zuhriitin hidhachuunis hin ga'u.
- Odoo sababaan jam'ii goosisu guutamellee, Jum'aa fi Asrii jam'ii walitti gochuun gonkumaa hin danda'amu.

14

- **Akaakuuleen Salaataa iddoo gurguddoo lamatti qoodamee laalamuu dandaya:**
- **1- Fardu eeynii;** kan namni hunduu tokkoo tokkoo isaa irratti salaatuun dirqama isa irratti tayu.
- **2- Fardu kifaayaadha;** Kana jechuun yoo gariin isaanii hojjatan kan hafan hin cubbaayan; yoo hunduu hin hojjatin garuu hunduu ni gaafatamu.

15

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

15

Salaata Janaazaa:

- Muslimni yoo du'e isa dhiquun, kafanuun, irratti salaatuun, gara qabrii geessunii fi awwaalun **fardu kifaayaadha**.
- Kana jechuun yoo gariin isaanii hojjatan kan hafan hin cubbuuayan; yoo hunduu hin hojjatin garuu hunduu ni gaafatamu.
- Namni jihaada irratti shahiida ta'e yoo hafu. Inni hin dhiqamu, hin uffifamu (hin kafanamu), irratti sagaduun garuu ni danda'ama. Haaluma irratti du'e san irratti awwaalama.
- Dhiirri waccuu adii dachaa sadi qabuun uffifama.
- Dubartiin ammoo isa dachaa shan qabuun uffifamti. Isaanis marxoo, guftaa, qamisii fi waccuu lama.

15

- Yoo kan du'e dhiira ta'e, imaama fi namni kophaa salaatu gara qoma isaa, dubartii garuu walakkaa isii dhaabbachuu qabu. Takbiiraa afur godha. Takbiiraa hunda wajjin harka isaa ol fuudhuu qaba. Takbiiraa jalqabaa booda sagalee gadi qabuun Shayxaana irraa Rabbitti maganfata; basmalaa qara'a; faatihaa qofa qara'a. Ergasii takbiiraa lamuu jedheetin nabiyyii (ﷺ) irratti nagaa fi rahmata buusa. Ergasii takbiiraa sadaffaa jedheetin nama du'eef **du'aa'ii** kadhata. Sana booda takbiiraa afraffaa jedheetin xiqqoo dhaabbatee ergasii takka qofa gara mirgaa salaammata.
- Qabrii taakkuu takkarra ol fuudhun, simintoon kaabun, dhungachuun, itti aarsun, irratti katabuun, irra taa'unii fi deemun dhoorgamaadha. Qabrii keessatti ifaa ibsuun, irra maruun (xawaafa gochuun), masjiida irratti ijaarun, ykn masjiida keessatti awwaalun dhoorgamaadha. Qubbaawwan qabrii irra jiran diigunis dirqama.

15

- Yoo kan du'e dhiira ta'e, imaama fi namni kophaa salaatu gara qoma isaa, dubartii garuu walakkaa isii dhaabbachuu qabu. Takbiiraa afur godha. Takbiiraa hunda wajjin harka isaa ol fuudhuu qaba. Takbiiraa jalqabaa booda sagalee gadi qabuun Shayxaana irraa Rabbitti maganfata; basmalaa qara'a; faatihaa qofa qara'a. Ergasii takbiiraa lamuu jedheetin nabiyyii (ﷺ) irratti nagaa fi rahmata buusa. Ergasii takbiiraa sadaffaa jedheetin nama du'eef du'aa'ii kadhata. Sana booda takbiiraa afraffaa jedheetin xiqqoo dhaabbatee ergasii takka qofa gara mirgaa salaammata.
- Qabrii taakkuu takkarra ol fuudhun, simintoon kaabun, dhungachuun, itti aarsun, irratti katabuun, irra taa'unii fi deemun dhoorgamaadha. Qabrii keessatti ifaa ibsuun, irra maruun (xawaafa gochuun), masjiida irratti ijaarun, ykn masjiida keessatti awwaalun dhoorgamaadha. Qubbaawwan qabrii irra jiran diigunis dirqama.

15

- Jechoonni taaziyaa ittiin godhamu baay'eedha. Isaan keessaa namni taaziyaa godhu "A'azamallaahu ajraka, wa'ahsana azaa'aka, waghafara limayyitika" jechuun isa tokko. Muslima kaafirri jalaa du'e taaziyaa yoo godhan "A'azamallaahu ajraka, wa'ahsana azaaka" jechuu barbaachisa. Odoo namni jalaa du'e muslima ta'ellee kaafira taaziyaa gochuun dhoorgamaadha.
- Namni erga inni du'ee booda warri isaa akka irratti boohan beeku, akka itti hin booyne dhaamachuun dirqama isaati. Yoo san hin ta'in, isarratti booyuu isaanitiin ni adabama.
- Maatii namni jalaa du'eef nyaata hojjatanii geessuun sunnaadha. Isaan irraa nyaachuun garuu jibbamaadha. Mana isaanii keessatti namoota walitti qabamaniif nyaata hojjechuun jibbamaadha.
- Qabrii muslimaa zayyaruun sunnaadha. Garuu sanaaf jedhanii imala ba'uun hin hayyamamu. Qabrii kaafiraa zayyaruunis ni ga'a. Kaafirris qabrii muslimaa yoo zayyare hin dhoorgamu.

15

Salaata Witrii:

- Salaatni witrii sunnaa dha.
- Yeroon isaas salaata Ishaa'ii irraa kaasee hanga fajriin ba'utti.
- Xiqqaan isaa raka'aa tokko yoo ta'u, guddaan isaa raka'aa kudha tokko. Raka'aa lama lamaan salaammataa salaatutu caala. Yoo fedhe afur, ykn jaha, ykn saddeet waliin sagaduu danda'a. Ergasii raka'aa witrii takka sagaduun xumura. Yookan sadi, ykn shan, ykn torba, ykn sagal walitti sagaduu danda'a.
- Irra xiqqaan guutuu isaa raka'aa sadi salaamtaa lamaan sagaduudha. Sana booda raka'aa lama taa'anii sagaduun ni danda'ama.

15

Salaata Sunnaa:

- Nabiyyiin (ﷺ) guyyaa hunda **salaata fardii (dirqamaa)** hin ta'in raka'aa kudha lama salaataa akka turan mirkanaa'ee jira.
- Isaanis: raka'aan lama sagada subhii dura, raka'aan afur zuhrii dura, lama ammoo zuhrii booda, lama maghriiba booda, lama ishaa'ii booda.
- Salaatonni sunnaa kan biraas isaan irraa argameera. Isaan keessaa raka'aa afur zuhrii, asrii fi jum'aa dura; afur ammoo zuhrii, maghriiba fi Ishaa'ii booda; raka'aa lama azaana maghriibaa booda; raka'aa lama witrii booda.

16

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

16

- Qabrii taakkuu takkarra ol fuudhun, simintoon kaabun, dhungachuun, itti aarsun, irratti katabuun, irra taa'unii fi deemun dhoorgamaadha.
- Qabrii keessatti ifaa ibsuun, irra maruun (xawaafa gochuun), masjiida irratti ijaarun, ykn masjiida keessatti awwaalun dhoorgamaadha. Qubbaawwan qabrii irra jiran diigunis dirqama.

16

- Namni qabrii ziyaare yeroo seenu akkana jechuu qaba: **“Assalaamu aleeykum daara qawmin mu’uminiin (ahlad diyaari minal mu’uminiin) wa’innaa iinshaa’allaahu bikum laahiquun. Yarhamullaahul mustaqdimiina minnaa wal musta’akhiriin. Nas’alullaaha lanaa walakumul aafiyaah. Allaahumma laa tahrimnaa ajrahum; walaa taftinnaa ba’adahum; waghfir lanaa walahum.”** Hiikkan isaas (Warra ganda mu’uminootaa (mu’uminoota ganda kanaa) nageenyi isin irratti haa jiraatu. Nutis yoo Rabbi jedhe isin boodan dhufna. Nurraa isaan dursanii fi isaan boodatti hafaniifis Rabbiin rahmata haa godhu. Nuu fi isiniifis nagaa akka kennu Rabbiin kadhanna.
Yaa Allaah! Mindaa isaanii nun dhabsiisin; isaan boodas nun qormaatin; nuu fi isaanifis araarami) jechuudha.
- Kafana irratti qur’aana katabuun dhoorgamaadha; najisuu waan danda’uuf, isa xiqqeessuu waan ta’ee fi ragaan waan itti hin jirreef jechuudha.

16

- Jechoonni taaziyaa ittiin godhamu baay'eedha. Isaan keessaa namni taaziyaa godhu "A'azamallaahu ajraka, wa'ahsana azaa'aka, waghafara limayyitika" jechuun isa tokko. Muslima kaafirri jalaa du'e taaziyaa yoo godhan "A'azamallaahu ajraka, wa'ahsana azaaka" jechuu barbaachisa. Odoo namni jalaa du'e muslima ta'ellee kaafira taaziyaa gochuun dhoorgamaadha.
- Namni erga inni du'ee booda warri isaa akka irratti boohan beeku, akka itti hin booyne dhaamachuun dirqama isaati. Yoo san hin ta'in, isarratti booyuu isaanitiin ni adabama.
- Imaamu Shaafi'iin (rahimahullaah) akkana jedhu: "taaziyaaf taa'un ni jibbama Kunis maatin nama du'ee sun akka namoonni taaziyaa isaan godhan mana keessatti walitti qabamanii taa'u dha. Garuu dhiiras ta'ee dubartii kan isaan irra jiru gara dhimma isaanii deemu dha.

16

- Maatii namni jalaa du'eef nyaata hojjatanii geessuun sunnaadha.
- Isaan irraa nyaachuun garuu jibbamaadha.
- Mana isaanii namni irraa du'e keessatti namoota walitti qabamaniif nyaata hojjechuun jibbamaadha.

16

- Qabrii muslimaa zayyaruun sunnaadha.
- Garuu sanaaf jedhanii imala ba'uun hin hayyamamu.
- Qabrii kaafiraa zayyaruunis ni ga'a.
- Kaafirris qabrii muslimaa yoo zayyare hin dhoorgamu.

16

- Namni qabrii ziyaare yeroo seenu akkana jechuu qaba: ***"Assalaamu aleeykum daara qawmin mu'uminiin (ahlad diyaari minal mu'uminiin) wa'innaa iinshaa'allaahu bikum laahiquun. Yarhamullaahul mustaqdimiina minnaa wal musta'akhiriin. Nas'alullaaha lanaa walakumul aafiyaah. Allaahumma laa tahrimnaa ajrahum; walaa taftinnaa ba'adahum; waghfir lanaa walahum."*** Hiikkan isaas

(Warra ganda mu'uminootaa (mu'uminoota ganda kanaa) nageenyi isin irratti haa jiraatu. Nutis yoo Rabbi jedhe isin boodan dhufna. Nurraa isaan dursanii fi isaan boodatti hafaniifis Rabbiin rahmata haa godhu. Nuu fi isiniifis nagaa akka kennu Rabbiin kadhanna. Yaa Allaah! Mindaa isaanii nun dhabsiisin; isaan boodas nun qormaatin; nuu fi isaanifis araarami) jechuudha.

16

Salaata lida Lamaanii:

- Salaannii iidaa lama, isaanis; lidal-fixrii fi lidal-Adhaa dha.
- Salaanni tun fardi kifaaya dha.
- **Yeroo isaanii** yeroo salaata duhaa ti.
- Yoo erga aduun qixxee tarte booda beekame, borumtaa sana qadaa baafama.
- Ulaagaaleen isaanii akka jum'aa ti; khuxbaa lamaantu adda isaan godha malee. Kuxbaanis booda salaata iidaati.
- Bakka iidaatti duraa fi duubattis sunnaa sagaduun jibbamaadha.

16

Akkaataa salaata lidaa:

- Raka'aa lama salaatamti. Raka'aa jalqabaa keessatti, takbiiraa ihraamatti aansee al jaha takbiiraa jedha. Raka'aa lamuu keessatti ammoo al shan takbiiraa jedha, takbiiraa hunda wajjin harka ol fuudha. Ergasii Shayxaana irraa Rabbitti maganfata (A'uzu billaahi minaShayxaanir rajiim' jedha). Ergasii sagalee ol fuudhetiin faatihaa qara'a. ergasii raka'aa jalqabaa keessatti suuraa "Sabbih" (A'alaa), isa lamuu keessatti ammoo suuraa "Al-Ghaashiyaa" qara'a. Erga salaamtaa jedhe booda kuxbaa lama kan akka khuxbaa jum'aa godha. Garuu tana keessatti takbiiraa baay'isuun sunnaadha. lida akka sagada dabalataatti (nafliitti) yoo sagades isaaf ga'a; waan takbiirawwan dabalataa sunnaa ta'aniif.

16

Hukmiiwwan Masjiidaan Walqabatan:

- Masjiida hanga barbaachisaa ta'e ijaarun dirqama. Masjiidonni dachii keessaa iddoowwan Rabbiin biratti jaalatamoo ta'ani. Isaan keessatti sirbuun, wacuun, harka dhahuun, walaloo dhoorgamaa dubbisuun, dhiira fi dubartiin walitti makamuun, qunnamtiin saalaa, bittaa fi gurgurtaan (nama kana raawwateen 'daldala kee Rabbiin bu'aa keessa hin kaa'in jechuun sunnaadha), waan bade gaafachuun (nama gaafii akkasii dhiyeessen 'Rabbiin siif hin argamsiisin' jechuun sunnaadha) dhoorgamaadha. Masjiida keessatti ijoollee rakkoo hin qabne barsiisun, nikaaha godhachuun, murtii kennuun, walaloo hayyamamaa dubbisuun, nama l'itikaafa irra jiruu fi kan biraatifis rafuun, keessummaa fi dhukkubsataan keessa buluuni fi qayluulaa keessatti rafuun hayyamamaadha. Masjiida waca, mormii, haasaabaay'isuu, keessatti sagalee ol fuudhuu, sababaa qabatamaa malee karaa godhachuu irraa tiiksun barbaachisaadha. Waa'ee duniyaa isaan keessatti haasa'uun, afaawwanii fi ifaawwan ykn elektirika isarraa harkisuun waan akka cidhaa fi gaddaaf itti fayyadamuun jibbamaadha.

16

Salaata Haguugama Aduu (Kusuufaa):

- Salaata sunnaa ti. **Yeroon isii** jalqabuu haguugamuu aduu ykn baatii irraa kaasee hanga inni deemutti. Erga sababaan isii deeme booda qadaa baasun hin barbaachisu. Kan sagadamu raka'aa lama. Raka'aa jalqabaa keessatti faatihaa fi suuraa dheeratu sagalee ol fuudhamaan qara'ama. Ergasii rukuu'a dheeraa ta'etu godhama. Sana booda ol jedheetin "sami'allaahu liman hamidaah; Rabbanaa lakal hamdu" jedha. Akka sagada biraa sujuuda hin godhu. Ammas Faatihaa fi suuraa dheeraa qara'a. Ergasii rukuu'a dheeraa godha. Sana booda ol jedha. Ergasii sujuudota lama dhedheeraa godha. Raka'aa lamuus haaluma Kanaan sagada. Ergasii taa'ee tashahhuda qara'eetin salaamtaa baafata.
- Namni raka'aa jalqabaa booda dhufee imaamatti hidhate salaaticha hin dhaqqabanne.

16

Salaata Haguugama Aduu (Kusuufaa):

- Salaata sunnaa ti.
- **Yeroon isii** jalqabuu haguugamuu aduu ykn baatii irraa kaasee hanga inni deemutti. Erga sababaan isii deeme booda qadaa baasun hin barbaachisu. Kan sagadamu raka'aa lama. Raka'aa jalqabaa keessatti faatihaa fi suuraa dheeratu sagalee ol fuudhamaan qara'ama. Ergasii rukuu'a dheeraa ta'etu godhama. Sana booda ol jedheetin "sami'allaahu liman hamidaah; Rabbanaa lakal hamdu" jedha. Akka sagada biraa sujuuda hin godhu. Ammas Faatihaa fi suuraa dheeraa qara'a. Ergasii rukuu'a dheeraa godha. Sana booda ol jedha. Ergasii sujuudota lama dhedheeraa godha. Raka'aa lamuus haaluma kanaan sagada. Ergasii taa'ee tashahhuda qara'eetin salaamtaa baafata.
- Namni raka'aa jalqabaa booda dhufee imaamatti hidhate salaaticha hin dhaqqabanne.

17

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

17

Salaata Kadhaa Bokkaa (Istisqaa'a):

- Yeroo dachiin gogdee fi roobni dhabame salaata kadhaa roobaa salaatuun sunnaadha.
- Yeroon, akkaata fi hukmiin isii akka sagada lida ti.
- Garuu isii tana keessatti khuxbaa takka qofatu sagada booda godhama.
- Tafaa'ula jijjiirraa haalaa mul'isuuf kutaa (gaabii) jala isaa gara gubbaa jijjiiranii uffachuun sunnaadha.

17

Salaata Kadhaa Bokkaa (Istisqaa'a):

- Yeroo dachiin gogdee fi roobni dhabame salaata kadhaa roobaa salaatuun sunnaadha.
- Yeroon, akkaata fi hukmiin isii akka sagada lida ti.
- Garuu isii tana keessatti khuxbaa takka qofatu sagada booda godhama.
- Tafaa'ula jijjiirraa haalaa mul'isuuf kutaa (gaabii) jala isaa gara gubbaa jijjiiranii uffachuun sunnaadha.

17

Yeroowwan Salaatuun Dhoorgamu

- Yeroowwan kanatti aanan keessa salaatota sunnaas ta'ee isaan biraa sagaduun dhoorgamaadha.
- Isaanis:

1) Ba'a fajrii irraa kaasee hanga aduun baatee dheerina siinqee tokkoo ol fuudhamtutti;

2) Yeroo aduun walakkaa samii geessu hanga walakkaa irraa dabdutti;

- 3) Salaata Asrii booda hanga aduun dhiitutti. Garuu salaatonni sababaa qaban kan akka tahiyyatal masjiid, sunnaa xawaafaa, sunnaa fajrii, sagada janaazaa, sunnaa wuduu'aa, sujuudota qaraati fi galataa kan fakkaatan ni hayyamamu.

18

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

18

HAJJII FI UMRAA

Seensa Hajjii fi Umraa:

Utubaa Shanaffaa: HAJJII

- Maalummaa Hajjii:
- Dirqamummaa Hajjii:
- **Umrii keessatti yeroo tokko** Hajjii fi Umraa gochuun dirqama.

18

HAJJII FI UMRAA

Umrii keessatti yeroo tokko Hajjii fi Umraa gochuun dirqama. Ulaagaaleen dirqama isa taasisanis:

1) Islaamummaa;
2) Sammuun guutuu ta'uu;
3) Umrii gaafatamaa irra ga'uu;
4) Bilisa ta'uu;
5) Dandeettii (waan ittiin deemu fi galaa karaa) qabaachu dha.
6) Dubartiin ulaagaa jahaffaa qabdi. Innis: dhirsi isii ykn "mahramni" isii (firri yoomillee isii fuudhun hin hayyamamneef) kan biraa isii waliin jiraachuu qaba. Hajjiin isiin mahrama malee goote fudhatama ni qabaata; garuu isiin cubbamtuu taati.

18

HAJJII FI UMRAA

Umrii keessatti yeroo tokko Hajjii fi Umraa gochuun dirqama. Ulaagaaleen dirqama isa taasisanis: 9:00-11:00

1) Islaamummaa;

2) Sammuun guutuu ta'uu;

3) Umrii gaafatamaa irra ga'uu;

4) Bilisa ta'uu;

5) Dandeettii (waan ittiin deemu fi galaa karaa) qabaachu dha.

6) Dubartiin ulaagaa jahaffaa qabdi. Innis: dhirsi isii ykn "mahramni" isii (firri yoomillee isii fuudhun hin hayyamamneef) kan biraa isii waliin jiraachuu qaba. Hajjiin isiin mahrama malee goote fudhatama ni qabaata; garuu isiin cubbamtuu taati.

18

- Namni odoo ulaagaalee kanniin guutu hajjii odoo hin godhin du'e qabeenya isaa irraa wanti hajjii fi umraa hirdhifamuu qaba.
- Kaafiraa fi maraatuun hajjiin isaanii fudhatama hin qabu.
- Daa'imaa fi gabrichi garuu dirqama hajjii Islaamaa isaan irraa hin baasu malee hajjiin isaanii fudhatama qaba.
- Namni daneessii hin qabne kan akka hiyyeessaa liqaan yoo hajje hajjiin isaa fudhatama qaba.
- Namni odoo dirqama ufii hin hajjin nama biraa irraa hajje, hajjiin inni namarraa hajje tun dirqama mataa isaat irraa baafti.

18

- **Ihraama:**
- Namni ihraama gochuu fedhe qaama dhiqachuun, qulqullaa'un, shittoo dibachuun, uffata hodhamaa baasuun, marxoo tokkoo fi fooxaa tokko kan adii fi qulqulluu ta'an uffachuun sunnaadha.

18

- **Sirni hajjii filannoo sadi qaba:** Tamattu'a, Ifraada fi Qiraana jedhamu.
- Sadarkatti kan caalu **"tamattu'a"**. Innis ji'oota hajjii keessa umraa niyyatanii erga isa raawwatanii booda hiikkachuun waggama sana keessa hajjii niyyachuudha.
- Ifraadni hajjii qofa niyyachuudha.
- Qiraanni ammoo lamaanuu bakka tokko ykn dura umraa niyyatee ergasii odoo xawaafa umraatti hin seenin hajjii isa keessa seensisuudha.

18

- Ergasii **“Labbeeyka Allaahumma umratan,**
- (ykn labbeeyka hajjan, ykn labbeeyka hajjan wa umratan)” jechuun ihraama godha.
- Yoo karaattin kutaa sodaate, “yoo wanti tokko karaatti na qabe, iddoon hiikkannaa kiyyaa bakkuman itti qabame sana” jechuun ulaagaa kaa’achuu ni danda’a.

18

- Namni hajjiif niyyate yoo yaabbii isaa gubbaa kore:
- "***Labbeeyka Allaahumma labbeeyka, labbeeyka laa shariika laka labbeeyka,innal hamda wanni'imata laka laka wal mulka, laa shariika laka***" haa jedhu.
- Baay'isee jechuuni fi sagalee ol kaasanii jechuun jaallatamaadha.
- Dubartiin garuu sagalee ol fuudhuu hin qabdu.

18

- **Wantoota Nama Ihraaman Jiru Irratti Dhorgaman:**

Nama ihraama qabu irratti wantoonni sagal ni dhorgamu:

- 1) Rifeensa haaddachuu
- 2) Qeensa qorachuu
- 3) Dhiirri uffata hodhamaa uffachuu, garuu marxoo dhabee kofoo yoo uffate, kophee banaa dhabee isa cufaa koronyoo gaditti muree yoo godhate kaffaaraan homaatuu isarra hin jiraatu.
- 4) Dhiiraaf mataa haguuggachuun;
- 5) Uffatattis ta'ee qaamatti shittoo dibachuu;

19

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

19

Wantoota Nama Ihraaman Jiru Irratti Dhorgaman:

Nama ihraama qabu irratti wantoonni sagal ni dhorgamu:

1) Rifeensa haaddachuu
2) Qeensa qorachuu
3) Dhiirri uffata hodhamaa uffachuu, garuu marxoo dhabee kofoo yoo uffate, kophee banaa dhabee isa cufaa koronyoo gaditti muree yoo godhate kaffaaraan homaatuu isarra hin jiraatu.
4) Dhiiraaf mataa haguuggachuun;
5) Uffatattis ta'ee qaamatti shittoo dibachuu;

19

6) Bineensa bosonaa kan nyaatamu dhandhooluu ykn adamsuu;

7) Nikaaha hidhachuu; kun haraama; yoo raawwatame garuu waan bakka isa bu'u ykn "fidyaa" hin qabu.

8) Fedha qunnamtii saalaa kan sana hojjachuu hin ta'iiin wal tuttuquu; kana bakka buusuf ra'ee takka qaluu, ykn guyyaa sadi soomuu, ykn miskiinota jaha nyaachisuudha.

9) Qunnamtii saalaa raawwachuu yoo ta'u, hiikkaa hajjii isa jalqabaa dura yoo ta'e hajjiin ni bada. Garuu hajjicha raawwatee wagga itti aanu qadaa baasuu qaba.

19

- Kanaa wajjiin gaala tokko qalee hiyyeeyyii Makkaan keessa jiraniif qooduu qaba. Hiikkannaa hajjii isa jalqabaa booda yoo ta'e garuu hajjichi hin badu; gaala tokko qaluu qaba malee.
- Umraa irra odoo jiru qunnamtii saalaa namni raawwate garuu umraan isaa ni bada. Ra'ee tokko qaluunis isarra jira. Umraa isaas yeroo biraa qadaa baasuu qaba.
  Waan qunnamtii saalaatiin ala jiruun hajjiin ykn umraan hin badu. Kan olitti ibsame hunda keessatti dubartiinis akkuma dhiiraati.
  Garuu uffata hodhame uffachuu ni daneessi. guwaantii harkaatii fi niqaaba garuu uffachuu hin dandeessu.

19

Waan Bakka Buusan (Fidyaa): Lamatti qoodama:

1) Fidyaa filannoo irratti hundaa'e: kun fidyaa mataa haaduu, shittoo dibachuu, qeensa qorachuu, mataa haguuguu fi dhiirri uffata hodhame uffachuu ti. Fidyaan isaanii guyyaa sadi soomuu, ykn hiyyeessa jaha (tokko tokkoof walakkaa saa'ii ykn kiiloo tokkoof walakkaa) nyaachisuu, ykn ra'ee takka qaluudha. Namni bineensa al'oole ykn adamse horii manaa irraa yoo fakkaatan isa ajjeefamee jiraate sana qaluu qaba. Yoo fakkaatan isaa hin jiraatin garuu gatii isaa kafaluu qaba.

19

- **Waan Bakka Buusan (Fidyaa):**
- **2)Fidyaa tartiiba irratti hundaa'e:** Innis akka fidyaa namni tamattu'aa fi qiraana godhe ra'ee qaluu, namni qunnamtii saalaa godhe gaala qaluu, yoo hin argatin guyyaa sadi hajjii keessatti guyyaa torba ammoo yeroo biyyatti deebi'e soomu ti. Kan qalamus ta'ee kan nyaachifamu haramatti hiyyeeyyii haramaatif qofa.

19

Makkaan Seenuu:

- Namni hajjii godhu yeroo Makkaan seenu du'aa'ii yeroo masjiidota seenan godhamu haa jedhu.
- Sana booda yoo mutamatti'a ta'e xawaafa umraatin, yoo mufrida ykn qaarina ta'e ammoo xawaafa seensa Makkaatin haa jalqabu. Kutaa isaa gidduu ceekuu isaa kan mirgaa daangawwan isaa ceekuu isaa kan bitaa irra kaa'un dhagaa gurraacha (hajaral aswad) irraa jalqabuun salaamtaa danda'u dhungatuun ykn gara isaa akeekun "bismillaah, wallaah akbar" jedhee haa jalqabu. Marsaa hundaa irratti akkas haa godhu. Ergasii Mana Rabbii (Beeytii) bitatti dhiisun al torba haa marfatu.

19

- Marsaawwan sadan duraa keessa hanga danda'e fiigicha suutaa fiigun, kan hafan keessa ammoo suutan haa deemu. Dhawaata qajeela "Ruknal Yamaanii" ga'uun yoo danda'e haa salaammatu. Rukniiwwan lamaan (ruknal yamaani fi hajaral aswad) giddutti **"Rabbanaa aatinaa fidduniyaa hasanatan wafil aakhirati hasanatan waqinaa azaabannaar"** (Gooftaa keenya! Duniyaa keessatti toltuu, aakhiraattis toltuu nuuf kenni; adaba ibiddaa jalaas nu baraarsi) haa jedhu. Iddoo biraatti du'aa'ii barbaade haa godhu.

19

- Sana booda yoo itti mijaa'e maqaama Ibraahiim duubatti raka'aa lama haa sagadu. Raka'aa lamaan keessattis suurawwan "Kaafiruuni" fi "Ikhilaas" haa qara'u.
- Ergasii baay'isee bishaan zamzam haa dhugu. Yoo itti tole gara hajaral aswad deebi'ee haa salaammatu.
- Ergasii multazama biratti (iddoo gidduu hajaral aswadii fi balbalaa jirutti) du'aa'ii haa godhu.

19

- Sana booda Safaa gubbaa koree “Isa Rabbiin ittiin jalqabeen jalqaba” haa jedhu.
- Jecha Rabbii (ﷻ) kanas haa qara’u: (Innas Safaa wal marwata min sha’aa’irillaahi faman hajjal beeyta awi’itamara falaa junaaha aleeyhi an yaxxawwafa bihimaa waman taxawwa’a kheeyran fa’innallaaha shaakirun aliim).
- Hiikkan isaas “Safaa fi Marwaan mallattoowwan Rabbii irraayi, kanaaf namni beeytii hajjiif ykn umraaf deeme, isaan lamaan irra xawaafa yoo godhe diliin isarra hin jiru. Namni kheeyrii dabalates, Rabbiin abbaa galata guddaa, irra beeka dha.” ‘Allaahu akbar, laa ilaaha illallaah’ jechuunis gara Ka’abaa naanna’uun harka isaa ol kaasee Rabbiin haa kadhatu.

19

- Sana booda hanga mallattoo magariisa bira ga'utti haa deemu. Ergasii hanga mallattoo biraa bira ga'utti haa daddafu.
- Ergasii hanga Marwaa bira ga'utti suuta haa deemu. Safaa irrattis akkasuma haa godhu. Ergasillee bu'ee akkuma marsaa duraa keessatti dalage haa dalagu. Marsaawwan torbanuu haala kanaan haa xumuru. Safaa irraa hanga Marwaa marsaa tokko yoo ta'u, Marwaa irraa hanga Safaas marsaa biraa ti.
- Ergasii Rifeensa isaa haa gabaabsu; ykn haa haadatu.

19

- Namni umraa tamattu'aa sana booda hajjii waan godhuuf, isaaf malee warra biraatif haadachutu caala.
- Namni qiraana fi ifraada niyyate, xawaafa seensa Makkaa erga godhee booda hanga guyyaa lidaa jamratal aqabaa darbutti ihraama isaa hin hiikkatu.
- Dubartiin xawaafa fi sa'ayii keessatti akka dhiiraa hinfiigdu malee waan biraa keessatti akkuma dhiiraati.

19

Akkaataa Raawwii Sirna Hajjii:

- Gaafa guyyaan "tarwiyaa" (ji'a Zul-Hijjaa gaafni saddeetii) ga'e namni hajjii hidhate hundi Makkaan iddoo qubate irraa harramatee halkan saglaffaa achi buluuf gara Minaa deema.
- Barii guyyaa saglaffaa erga aduun baatee booda waaree irratti gara Arafaa deema.
- Ergasii yeroo aduun qixarra dabartu zuhri fi asrii walitti qabuuni fi gaggabaabsun sagada. Iddoo waadii uranah jedhamu malee Arafaan hundi iddoo dhaabbataa ti.
- Du'aa'ii, tawbaa fi gara Rabbii kajeeluu irratti haa jabaatu.

20

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

20

- Barii guyyaa saglaffaa erga aduun baatee booda waaree irratti gara Arafaa deema.
- Ergasii yeroo aduun qixarra dabartu zuhri fi asrii walitti qabuuni fi gaggabaabsun salaata.
- Iddoo waadii uranah jedhamu malee Arafaan hundi iddoo dhaabbataa ti. Achitti jecha ***"Laa ilaaha illallaah wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wahuwa alaa kulli sheey'in qadiir"*** (Rabbiin malee gooftaan haqaa hin jiru; Inni tokkicha, hiriyyaa hin qabu; mootummaan kan Isaati, faaruunis kanuma Isaati. Innis waa hunda irratti danda'aadha) haa jedhu.
- Du'aa'ii, tawbaa fi gara Rabbii kajeeluu irratti haa jabaatu.

20

- Yeroo aduun dhiite, labbeeyka… jechaati fi Rabbiin faarsaa tasgabbii fi suutan gara Muzdalifaa deebi'u.
- Muzdalifaa yeroo ga'u **maghriibaa** fi **Ishaa'ii** walitti qabeeti fi gaggabaabsee haa sagadu. Ergasii achuma bula. Sana booda sagada **fajrii** yeroo isaa kan jalqabaatti sagadee hanga daalachatutti achuma keessa haa turu.
- Sanatti aanee odoo aduun hin ba'in dura deebi'a. waadii Muhassir" iddoo jedhamu yeroo ga'an, yoo danda'e akkaan haa daddafu.

20

- Ergasii gara Minaa deebi'ee jamratul aqabaa irraa jalqabuun cirracha torba kan firii baaqelaa irra xiqqaa haa darbatu.
- cirracha darbatu hunda wajjin "***Allaahu akbar***" haa jedhu. Yeroo darbatu harka isaa ol haa kaasu. Xirrachi inni darbatu utubaa rukutuu yoo baates boolla keessa seenuu qaba.
- Yeroo cirracha darbachuu jalqabe "Labbeeyka…" jechuu haadhaabu.

20

- Ergasii horii qalmaa kan kennaaf fide haa qalu.
- Ergasii Rifeensa isaa haa haadu; ykn haa gabaabsu. Yoo mijaa'e haadutu irra caala.
- Erga cirracha darbee Rifeensa haaddatee booda wal-quunnamtii saalaa raawwachuu malee wanti biraa hundi isaaf hayyamama.
- Kun hiikkata jalqabaa jedhama.

20

- Sana booda gara Makkaa deebi'ee "Xawaafal Ifaadaa" haa godhu. Kun xawaafa waajibaa kan hajjiin isaan malee hin guutamne.
- Nama tamattu'a niyyate ykn kan xawaafa seensa Makkaa wajjin sa'ayii hin godhin yoo ta'e, sana booda Safaa fi Marwaa gidduu sa'ayii (deddeebisaa torba) haa godhu.
- Yoo kana raawwate dubartitti dhiyaachuu dabalatee wanti hundi isaaf hayyamama.
- Kun hiikkata lammaffaa jedhama.

20

- Ergasii gara Minaa deebi'ee halkanoota isii achi buluun dirqama ta'a.
- Guyyaa hunda zuhrii booda boolla sadanuu irratti cirracha torba torba haa darbu. Boolla duraatin (Jamratul Uulaan) jalqaba.
- Cirracha torbaan isii darbata.
- Ergasii xiqqoo gara fuul-duraa deemee Rabbiin kadhata. Ergasii isii gidduu (Jamratul Wusxaa) bira dhaqee darbata. Rabbiinis akkuma duraatti kadhata. Ergasii "Jamratal Aqabaa" irratti darbata. Garuu isii bira hin dhaabbatu.

20

- Guyyaa lammataas akkasumatti darbata. Ergasii yoo sardame odoo aduun hin dhiine dura Minaa ba'a.
- Odoo inni Minaan keessa jiru yoo aduun itti dhiite buluuni fi borumtaa sanas darbachuun dirqama itti ta'a. Garuu odoo inni ba'uuf muratee jiruu sababaa wal dhiiboo namaatiin baa'uu dadhabee yoo ture erga dhihee boodas yoo ba'e rakkina in qabu.

20

- Yoo gara biyyaa deemuu fedhe “Xawaafal Wadaa’a” gochuun mana Rabbiitti (Beeytitti) nagaadhaamu malee hin ba’in; dubartiin dhiiga xurii fi dahaa qaban malee. Isaan dirqamni kun irraa bu'a. Kun dhuma teessuma isaa kan Makkaa ta’a. Yoo daldalaaf socho’e xawaafa kana lamuu haa godhu. Namni xawaafa kana odoo hin godhin ba’e, yoo dhihoo jiraate deebi’ee gochuu qaba. Yoo fagaate garuu dhiigatu isa qabata (qalee qooduu qaba).

20

Utubaalee (Rukniiwwan) Hajjii:

Utubaalee afur qaba.

1) Ihraama (niyyaa sirna hajjii keessa seenuu) gochuu;
2) Arafaa dhaabbachuu;
3) Xawaafa ziyaaraa (ifaadaa) gochuu;
4) Sa'ayii hajjii raawwachuudha.

20

Dirqamoota (Waajibaata) Hajjii:

- **Dirqamoota saddeet qaba.**

1) Miiqaata (iddoo sanaamaf murtaa'e) irraa ihraama gochuu;
2) Hanga galgalaatti Arafaadhaabbachuu;
3) Hanga walakkaa halkanii dabrutti Muzdalifaa buluu;
4) Halkanoota tashriiq (guyyoota sadan lida boodaa) Minaan keessa buluu;
5) Cirracha darbachuu;
6) Rifeensa haaddachuu ykn gabaabsifachuu;
7) Xawaafa wadaa'a (nagaadhaammannaa) ti.
8) namni mutamatti'a ykn Qaarina ta'e qalma qaluu

20 Utubaalee Umraa fi Dirqamoota Umraa:

- Utubaalee sadihi. Isaanis:

1) Ihraama gochuu;
2) Xawaafa Umraa gochuu fi
3) Sa'ayii Umraa ti.

- Dirqamoota Umraa: Dirqamoota lama qaba. Isaanis:

1) Miiqaata irraa ihraama gochuu fi
2) Rifeensa haaddachuu ykn gabaabsifachuudha.

20

- **Namni utubaa dhiise** sirni hajjii ykn umraa isaan malee hin guutamu.
- **Namni waajiba dhiise** dhiigaan (qalmaan) bakka buufama.
- **Namni sunnaa dhiise** homtuu isarra hin jiru.

20

- **Ulaagaalee Ka'abaa Xawaafuun Ittiin sirrii Ta'u:**
- **Xawaafni sirrii ta'uuf ulaagaaleen kudha sadi guutamuu qabu. Isaanis:**

1) Muslima ta'uu; 2) Sammuun nagaa ta'uu;

3) Niyyaa qabaachuu; 4) Yeroon xawaafaa seenuu;

5) Namni danda'u qaama dhokfachuu; 6) Hadasa irraa qulqulluu ta'uu; kun ijoollee hin ilaallatu.

7) Torba guuttachuu mirkaneessuu,

8) Ka'abaa bitaa ufiititti dhiisuu; waan isa keessa dogoggoran irra deebi'uu,

9) Uf-duuba deebi'uu dhabuu;

10) Namni danda'u miilan deemuu;

11) Gidduu marsaawwanii walitti aansuu,

12) Masjiida kabajamaa keessa ta'uu,

13) Jalqabni isaa dhagaa gurraacha(Hajaral Aswad) irraa ta'uudha.

20

Sunnaawwan Xawaafaa:

- Dhagaa gurraacha salaammatuu fi dhungachuu, isa biratti takbiiraa jechuu, ruknal yamaanii salaammatuu,
- harka mirgaa ol kaasuu, suksuktaa fi suuta deemsa bakka isaanititti raawwachuu, xawaafa irratti du'aa'i fi zikrii gochuu,
- yoo danda'ame gara Manichaa (Beeytii) dhiyaachuu,
- isa booda Maqaama Ibraahiim (عليه السلام) duubatti raka'aa lama sagaduudha.

20

Ulaagaalee Sa'ayii:

- **Ulaagaalee sagaltu jira.**

1) Muslima ta'uu;
2) Sammuun nagaa qabaachuu;
3) Niyyaa qabaachuu;
4) Walitti aansuu;
5) Namni danda'u miillaan deemuu;
6) Torba guutuu;
7) Tabba lamaan Safaa fi Marwaa gidduu waliin ga'uu;
8) Xawaafa sirrii ta'e booda gochuu;
9) Lakkoofsa qaraa Safaa irraa, lakkoofsa lamaaf qoodamaa Marwaa irraa jalqabuudha.

20

- **yaadachiisa:**
- Kan caalu cirracha guyyuma isaa sana keessa darbachuudha.
- Garuu darbannaa cirrachaa guyyaa borumtaatiif yoo dabarse, ykn hundumaa gara guyyaa xumura “Ayyaam Attashriiq” yoo dabarse isaaf ga’a.

20

- **Udihiyyaa:**
- Udihiyyaan sunnaa cimaadha.
- Yoo guyyoonni kurnan baatii zil hijjaa seenan, namni udihiyyaa qaluu fedhe hanga udihiyyaa isaa gorra'utti Rifeensa ykn qeensa ykn qaama isaa irraa waan tokkoyyuu fuudhuu hin qabu.
- Udihiyyaan sirna qalma gaalaa, horii gaafaa, hoolaa fi re'ee guyyaa hajjiiti guyyoota itti aanan sadan (ayyaamut tashriiq) muslimoota dandeettii qabaniin raawwatamu.

20

Hojii Hajjii Gabaabinaan:

Gosa hajjii	Tamattu'a	Qiraana	Ifraada
Jalqabiinsa: ihraamaafi talbiyaa	Labbayika umratan mutamatti'an bihaa ilal hajji	Labbayika umratan wa hajjan	Labbayika hajjan
Sana booda	Xaafa umraa raawwaata	Xawaafal-quduumi raawwata	Xawaafal-quduumi raawwata
Sana booda	Sa'yi umraa raawwata	Sa'ayi hajji raawwata	Sa'ayi hajji raawwata
Sana booda	Rifeensa gabaabfatee hiikkata	Hin gabaabfatus hin hiikkatus	Hin gabaabfatus hin hiikkatus
Guyyaa 8ffaa zuhrii booda	Hajjii harramatee makkarraa gara minaa deema	gara minaa deema	gara minaa deema
Guyyaa 9ffaa aduun bahuurraa kaasee	Gara Arafaa deemee sagada zuhuriifi asrii walitti cimdeessee gaggabaabsee erga sagadee booda hang aduun seentutti du'aa'ii kadhata		
Erga aduun seentee booda	Gara muzdalifaa deemee achitti maghribaa fi ishaa'ii walitti qabee gabaabsee sagadee, achuma bulee hanga lafti bari'utti tura yoo erga walakkaan halkanii darbee boda achirraa deemes ni ta'a garuu bluutu caala		
Gaafa guyyaa 10ffaa(guyyaa iidaa) utuu lafti hin ifin	Minaa dhaqee boolla isa gara dhumaa jirutti cirracha torba darbata		
	Qalma qala	Qalma qala	= = = = = = =
	Rifeensa haaddata ykn gabaabfata. Xawaafal ifaadhaa godha, kana sadan keessaa lama yoo raawwate hiikkannoo duraa hiikkataeera yoo sadeen kana raawwatemmoo hiikkannoo guutuu hiikkateera		
	Sa'yii hajji raawwata	= = = = = = =	= = = = = = =
Guyyaa 11ffaa,12ffaa fi 13ffaa nama turuuf	Boolla isa jalqabaatti, sana booda isa gidduutti, akkasumas isa dhumaatti cirracha torba torba erga aduun dabdee booda darbachuudha.		
Yeroo biyyatti deebi'uuf ka'an	**Xawaafa dhaammannaa raawwachuudha, dubartii xuriin itti dhufeefi kan dhiiga dahiinsaa qabdurratti dirqama hin ta'u.**		

21

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

21

Utubaa Sadaffaa: Zakaata

- Seensa Waayee Zakaataa
- Zakaan Utubaalee Islaamaa irraa tokko.
- Zakaa jechuun Qulqullina barakaa jechuu dha. Yoo baasanii kennan abbaa baaseef barakaa , dabala, qulqullina taati zakaan nama baasu ni qulqulleessiti, nama fudhatus waanyoo irraa qulqulleessiti horoo keessaa baasanis ni qulqulleessiti.
- Sababni zakaan dirqama tayeef gabroota isaatii horoo isaaniii keessatti barakaa isaanii godhuufi akkasuma hawaasni muslimaa wal qabatee haa misoomuufi

21

Zakaata

Bifa Qabeenya Zakaan Keessaa Ba'u:

- Qabeenya bifa afur keessaa zakaa baasun dirqama. Isaanis:

1) Beeyladoota manaa
2) Wantoota dachii irraa biqilan
3) Albuudota
4) Meeshaa daldalaa ti

21

Ulaagaalee Zakaa Dirqama Godhan:

- **Yoo ulaagaaleen shan guutaman malee dirqama hin ta'u. Isaanis:**

1) Islaama ta'uu;
2) Bilisa ta'uu;
3) Nisaabni (lakkofsi irraa ba'uu qabu) guutamuu;
4) Qabeenyicha irraa abbummaa guutuu qabaachuu;
5) Waan dachii irraa biqilu waan hin ta'iniin kan hafaniif waggaan guutamuu.

21

Zakaa Beeylada Manaa:

Bifa sadi irraa ba'a: **Gaala, horii gaafaa fi xaqoo (ra'ee fi hoolaa).** Isaan irratti zakaan dirqama ta'uuf ulaagaaleen lama guutamuu qabu.

1) Waggaa guutuu ykn irra hedduu isaa margaan jiraachuu;

2) Hormaata fi aannaniif malee hojiif kan hin oolle ta'uudha. Daldalaaf kan qophaa'an yoo ta'e ammoo akka meeshaa daldalaatti keessaa ba'a.

21

1- Zakaa Gaalaa:

Lak.	1-4	5-9	10-14	15-19	20-24	25-35	36-45	46-60	61-75	76-90	91-120
Zakaasaa	Irraa hin ba’u	Re’ee takka	Ra’oota lama	Ra’oota sadi	Ra’oota afur	Gaala waggaa tokkoo	Gaala waggaa lamaa	Gaala waggaa sadii	Gaala waggaa afurii	Gaala waggaa lamaa 2	Gaala wa.g.. 3 lama

Waan 120 ol ta’etti dhawaata shantamaatin gaala waggaa 3, dhawaata afurtamaatin tan waggaa lamaa baasuu qaba.

21

2- Zakaa Beeyladaa (Horii)

Lak.	1-29	30-39	40-59
Zakaa ba'u	Irraa hin ba'u.	Tan waggaa tokkoo.	Tan waggaa lamaa.
Yoo jahaatama guutte, dhawaata soddomaatin tan waggaa tokkoo, dhawaata afurtamaatin tan waggaa lamaa baasuu qaba.			

3- Zakaa Xaqoo (Ra'oota fi Hoolaa)

Lak.	1-39	40-120	121-200	201-399
Zakaa ba'u	Irraa hin ba'u.	Ra'ee takka.	Ra'oo ta lama.	Ra'oot a sadi.
400 yoo guutte, dhawaata dhibba tokkootin ra'ee takka kenna. Zakaa ra'ee irratti waxaxee,dullattii, jaamtuu, rimaya, hoosiftuu, jedhamee filatamee hin fudhatamu.				

21

Zakaa wantoota dachii ba'anii:

- Wantoota lafaa biqilan muduraales ta'ee sanyii midhaanii yoo ulaagaaleen sadi guutaman zakaan keessaa ba'uun dirqama ta'a. Isaanis:

1) wantichi kan safaramuu fi ol kaayamu ta'uu; fkn. Midhaan irraa akka garbuu fi qamadii; mudura irraa akka zabiiba fi teemiraa ti. Isaan hin safaramnee fi ol hin kaayamne kudraa fi baalaa zakaan irraa hin ba'u.

2)Nisaaba (lakkoofsa irraa ba'uu qabu) guutuu; kg. 653 fi sanaa ol ta'uu qaba.

3) Yeroo zakaan dirqama itti ta'u guutummatti qabeenya abbichaa ta'uudha.

22

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

22 Zakaa wantoota dachii ba'anii:

- Wantoota lafaa biqilan muduraales ta'ee sanyii midhaanii yoo ulaagaaleen sadi guutaman zakaan keessaa ba'uun dirqama ta'a. Isaanis:

1) wantichi kan safaramuu fi ol kaayamu ta'uu; fkn. Midhaan irraa akka garbuu fi qamadii; mudura irraa akka zabiiba fi teemiraa ti. Isaan hin safaramnee fi ol hin kaayamne kudraa fi baalaa zakaan irraa hin ba'u.

2)Nisaaba (lakkoofsa irraa ba'uu qabu) guutuu; kg. **653** fi sanaa ol ta'uu qaba.

3) Yeroo zakaan dirqama itti ta'u guutummatti qabeenya abbichaa ta'uudha.

22

- **Yeroon dirqama ta'u:** mudurichi ga'ee nyaatamuuf yoo qophaaye. Kunis kan beekamu muduraaf diimachuu fi daalachatuun yoo ta'u, midhaanif jabaachu fi goguuni. Waan odoo itti hin xaarin rooba fi jallisiin biqilee guddate yoo ta'e, ushritu ykn harka kudhan keessaa tokkotu **(10%)** irraa ba'a. Waan itti dama'amee obaafamu kan akka bishaan boollaa waraabanii obaasan yoo ta'e, walakkaa ushriittu ykn harka diigdama keessaa tokkotu **(5%)** irraa ba'a.
- Waan guyyoota murtaa'an xaarii guddaan garii guyyoota ammoo xaarii malee obaafamu yoo ta'e, kan irra caalutu ilaalama. Kan guyyaan itti obaafameen caaletu fudhatama.

22

✹Zakaa Albuudaa: Albuudni bifa lama:

1) Warqii ykn Ziqiyaa: hanga giraama **85** guututti zakaan irraa hin ba'u.

2) Meeta/Nahasa: hanga giraama **595** guututti zakaan irraa hin ba'u. Mallaqni ykn qarshiin waraqaa yeroo zakaan irraa ba'u san shallagni isaa nisaaba xiqqaa ziqiyaa ykn meetaa guutuu qaba; yoo hin guutin zakaan irraa hin ba'u. Hammi zakaa albuudaa dhibba keessaa lamaa fi walakkaa **(2.5%)** dha.

22

Zakaa Liqaa:

- Namni dureessa irraa liqaa qabu, ykn mallaqa argachuun malu qabu, yeroo fudhate zakaa waggoota dabree odoo baay'atellee baasuu qaba.
- Garuu yoo mallaqa deebi'uun isaa hin malle kan akka hiyyeessaf liqeeffame ta'e zakaan isarra hin jiraatu.

22

Zakaa Meeshaa Daldalaa:

- Yoo ulaagaaleen afur guutaman malee zakaan irraa hin ba'u:
- 1) Qabeenya isaa ta'uu;
- 2) Daldalaaf kan niyyatame ta'uu;
- 3) Shallagni isaa nisaaba xiqqaa ziqiyaa fi meetaa guutuu;
- 4) Waggaa guutu dha. Yoo ulaagaaleen kun guutaman shallagameetin zakaan irraa ba'a.

22

Faaya hayyamamaa:

- Itti fayyadamamu zakaan irraa hin ba'u. Isa kiraaf ykn ol kaayamuuf qophaa'e garuu zakaan irraa ba'uu qaba. Ziqiyaa fi meeta irraa wanti akka aadatti uffatamu dubartiif hayyamamaadha. Meeta irraa waan xiqqoo meeshaa irratti godhuun hayyamamaadha. Dhirtis meeta irraa waan xiqqoo akka qubee, manzaraa fi kkf uffachuun ni ga'a. Ziqiyaa irraa garuu waan tokkos meeshaa irratti itti fayyadamuu hin danda'u.

22

- Dhiiraaf kan hayyamamu waan xiqqoo isa biraa hordofee dhufu kan akka ziippii uffataati fi hidhaa ilkaani ti. Kanas odoo dubartitti hin fakkaanne itti fayyadamuu qabu. Namni mallaqni isaa yeroo tokko dabalee yeroo biraa hirdhatu, kan zakaa isaa baasun rakkise, waggaa keessaa guyyaa tokko murteessee guyyaa san hangam akka qabu laalee sana keessaa dhibbarraa harka lamaa fi walakkaa baasuu qaba. Odoo mallaqni gariin waggaa guutuu baatellee haala kanaan baasa.
- Namni mindaa qabu ykn wanta kireessu kan akka manaa fi dachii qabu, yoo ol kaayamee hin turin odoo baay'ee ta'ellee zakaa keessaa hin baasu. Yoo ol kaayamee waggaa ture garuu zakaa irraa baasuu qaba. Yoo hammi mallaqa isaa yeroo gara yerootti wal dhabe, guyyaa murtaa'e fudhatee sanarraa haa baasu.

22

Zakaa Fixrii:

- Nama halkanii fi guyyaa lidaa soorata ufii nyaatu fi maatii isaa nyaachisu irraa hafu qabu irratti zakaan fixrii dirqama.
- Hammi isaas midhaan naannotti nyaatamu irraa mataa tokko tokkoo namaatin-dhiiras ta'ee dhalaa-kiiloo lamaa fi ruubii **(2.25)** irraa baasu dha. Namni zakaa baasun isa qabate, nama halkan lidaa isa soorun dirqama irratti ta'e hundarraa zakaa baasun isarra jira.
- Guyyaa lidaa sagada iidaa dura baasun caala dha. Sagada lidaa booda kennuun hin ga'u. Guyyaa lidaa dura guyyaa tokko ykn lama dursanii kennuun ni danda'ama. Waan garee qabatu namni tokko kennuunis ta'ee waan nama tokko qabatu gareen kennuun ni danda'ama.

22

Bifa Warreen Zakaan Kennamuuf:

Gosa saddeettu jira. Isaanis:

1) hiyyeeyyii homaa hin qabne;
2) miskiinota qabeenya ga'aa hin qabne;
3) Warreen zakaa qindeessuu irratti hojjatan;
4) Namoota gabrummaa irraa bilisoomsuuf;
5) Namoota haaraa Islaamatti seenuu fedhaniif;
6) Namoota idaan qabamaniif;
7) Qabsoo karaa Rabbii keessatti godhamuuf;
8) Nama imalarra jiru kan hajamaa ta'eef kennama. Hundaafuu hanga isa barbaachisutu isaaf kennama.

23

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

23

Bifa Warreen Zakaan Kennamuuf:

- **Gosa saddeettu jira. Isaanis:**

1) hiyyeeyyii homaa hin qabne;
2) miskiinota qabeenya ga'aa hin qabne;
3) Warreen zakaa qindeessuu irratti hojjatan;
4) Namoota gabrummaa irraa bilisoomsuuf;
5) Namoota haaraa Islaamatti seenuu fedhaniif;
6) Namoota idaan qabamaniif;
7) Qabsoo karaa Rabbii keessatti godhamuuf;
8) Nama imalarra jiru kan hajamaa ta'eef kennama.
Hundaafuu hanga isa barbaachisutu isaaf kennama.

23

- Zakaa kaafiraaf, gabraaf, dureessaf, nama isa soorun dirqama ta'uuf, akkasumas Banii Haashimiif kennuun hin ga'u.
- Odoo hin beekin nama tokkoof kennee ergasii kennamuufii akka hin qabne yoo beeke zakaan isarraa hin kufu.
- Hiyyeessa se'ee kenneefii ergasii dureessa ta'ee yoo argame garuu isaaf ga'a.

23

Sadaqaa fedhii (Taxawwu'aa):

- Ergamaan Rabbii (ﷺ) akkana jedhu: "***Hojii fi toltuu isaa irraa wanti mu'umina erga inni du'ee booda hordofan ilmii (barnoota) inni barsiisee babal'ise, ilma gaarii du'aa'ii isaaf godhu, qur'aana inni dhaalchise, ykn masjiida inni ijaare, ykn mana namoota karaa deemaniif ijaare, ykn laga yaase, ykn sadaqaa odoo nagahaa fi lubbuun jiruu qabeenya isaa keessaa baasetu erga du'ee booda isa hordofa***." (Ibni Maajah)

23

SOOMA

- **Soomni Ramadaanaa dirqama kan ta'u:**
- muslima sammuun guutuu, kan umriin ga'eessa ta'ee fi soomuu danda'u irratti.
- Dubartii dhiiga xurii fi dahaa irra jirtu garuu soomuu hin qabdu.
- Daa'imnis yoo danda'e akka baratu soomatti ajajamuu qaba.

23

- Ramadaanni seenun kan beekamu wantoota lama keessaa tokkooni:
- **1)Baatin isaa argamuu:** kunis yoo muslimni (dhiiras ta'ee dubartii) haqa dubbatuu fi umrii dirqamaa irra ga'e ragaa ba'e.
- **2)Jiini Sha'abaan guyyaa soddoma guutu dha.** Dirqamummaan isaa kan jalqabu fajriin dhugaa ba'uu irraa kaasee hanga aduun dhiitutti. Sooma dirqamaa fajrii dura niyyachuun waan hafiinsa hin qabne.

24

Waan Muslimni Hundi Beekuu Qabu

Leenjii FIQHUL IBAADAA



Telegraamaan

24

Wantoota Sooma Balleessan

1) Farjii keessa qunnamtii saalaa gochuu: namni kana guyyaa ramadaanaa keessa raawwate qadaa baasuutu isarra jira. Kaffaaran isaas gabra bilisoomsuu, namni hin argatin ji'oota lama walitti aansee soomuu, namni hin danda'in miskiinota jahaatama nyaachisuu, nama kanas hin arganne homtuu isarra hin jiru.

2) Maniyyiin bu'uu: kunis wal dhungachuun, wal tuquun, ykn qaama saalaa tuquun ta'uu danda'a. Nama maniyyiin ufiin irraa ba'e homtuu isarra hin jiru.

3) Beekaa nyaachu fi dhuguu: Yoo dagatee nyaate/dhuge garuu soomni isaa hin badu.

4) Dhiigni ba'uu: Yoo koobachuun ykn gargaarsaf baasan ni balleessa. Garuu inni xiqqaan qorannoof, ykn inni fedhiin ala akka madaa fi funuunan ba'u sooma hin balleessu.

5)Beekaa uf haqqisiisuu

24

- Yoo awwaarri kokkee isaa seene, ykn odoo bishaan afaan lulluuqatuu fi funyaanitti ol fudhatu bishaan kokkee isaa seene, ykn waa'ee dubartii yaadee yoo maniyyiin irraa bu'e, ykn hirriba keessa yoo maniyyii dhangalaase, ykn fedha isaatiin ala dhiigni ykn haqqeen yoo irraa ba'e, soomni isaa hin badu.
- Namni halkan se'ee nyaatee ergasii guyyaa ta'uu mirkaneeffate qadaa baasuu qaba. Namni fajriin ba'uuf dhiisuu shakkaa halkan keessa nyaate soomni isaa hin badu. Garuu waan aduun seente se'ee guyyaan yoo nyaate qadaa baasuu qaba.

24

- **Hukmii Nama Sooma Hiikee:**
- Nama sababaa fudhatamaa hin qabne irratti sooma hiikuun haraama.
- Dubartii dhiiga xurii fi dahaa irra jirtuu fi nama nagaa tokko badii (du'a) jalaa baasuuf sooma hiikuun barbaachisaa nama itti ta'e irratti sooma hiikuun dirqama.
- Nama imala sagada gabaabsun isaaf hayyamamu irra jiru yoo soomni itti jabaate, dhukkubsataanis yoo rakkoo itti fidaa sodaate sooma hiikuun isaanif sunnaadha.

24

- Nama biyya jiru kan guyyaa karaa ba'uuf jiruuf, akkasumas dubartii ulfaati fi hoosiftuuf yoo lubbuu isaanitii fi daa'imman isaanii irratti rakkoo sodaatan sooma hiikuu ni danda'u. Hunda isaanii irra kan jiru qadaa baasuu qofa.
- Dubartiin ulfaati fi isiin hoositu garuu kan sooma hiikte miidhaa daa'ima irra ga'u sodaattee yoo ta'e, guyyaa hiikte hundaaf qadaa baasutti dabaltee miskiina nyaachisuu qabdi.
- Namni sababaa dullummaa fi dhibee hin fayyineetif soomuu dadhabe guyyaa soomaa hunda miskiina nyaachisa malee qadaan isarra hin jiru.

24

- Namni qadaa irra jiru odoo hin basin Ramadaanni biraa itti dhufe, qadaa qofa baasa.
- Garuu yoo sababaa wahii malee odoo qadaa hin basin ture, qadaa wajjin guyyaa hanga dhiisee sana hunda miskiina nyaachisuu qaba. Yoo sababaa fudhatama qabuuf qadaa odoo hin basin du'e garuu homtuu isarra hin jiru. Yoo sababaa fudhatama qabu hin qabaatin garuu hanga guyyaa inni hin soominii miskiina irraa nyaachisuu barbaachisa.

Sooma qadaa Ramadaanaa kan inni sababaa malee dhiise fi sooma nazrii irraa soomu fira isaa irratti sunnaadha. Nazrii hunda irraa geessun ibaadaa isaaf ta'a.

24

- Namni sababaa fudhatama qabuun hiikee ergasii guyyaa sooma Ramadaanaa keessa sababichi irraa deeme yeroo sana irraa uf qabuun isa qabata. Guyyaa soomaa keessa odoo sooma hiikee jiru kaafirri yoo sallame, dubartiin dhiiga xurii qabdu yoo qulqulloofte, dhukkubsataan yoo fayye, namni imalarra ture yoo gara biyyaa deebi'e, ijoollen yoo umrii ga'eessaa irra ga'an, maraatan yoo sammuun fayye, odoo yeroo hafe soomanillee qadaa baasun isaan qabata.
  Namni Ramadaana hiikuun isaaf hayyamame, isa keessa waan biraa soomun isaaf hin ga'u.

24

Sooma Dabalataa (Taxawwu'aa):

- Irra caalan isaa guyyaa tokko soomanii guyyaa tokko hiiku dha; ergasii sooma guyyaa wiixataa fi khamisaa ti; ergasii sooma ji'a ji'aan guyyoota sadi soomamu (innis kan caalu "ayyaamul biid", jechuun guyyaa 13ffaa, 14ffaa fi 15ffaa ji'oota baatin lakkaa'amanii soomu dha).
- Guyyoota irra hedduu ji'oota Muharramii fi Sha' abaan, guyyaa Ashuraa, guyyaa Arafaa, Shawwaal irraa guyyota jaha soomun sunnaadha.

- Ji'a Rajab kophaa baasun, guyyaa jimaata fi sanbataas sooman adda gochuun, guyyaa shakkii (jechuun guyyaa 30ffaa ji'a Sha'abaan yoo wanti haguugu hin jiraatin) soomun jibbamaadha.
- Guyyaa lida fixrii, guyyaa lida adihaa fi "ayyaamu attashriiq" ykn guyyoota sadan lida adihaa booda jiran, yoo nama qalmi "tamattu'aa" ykn "qiraanaa" isarra jiru ta'e malee nama biraa irratti soomun haraama.

24

Yaadachiisota:

- Namni hadasni guddaan akka janaabaa, xurii fi dhiiga dahaa irra jiru yoo fajrii dura qulqulloofte, dura suhuura nyaattee erga azaanni fajrii jedhamee booda dhiqachuun isiif ga'a; soomni isiis sirrii dha.
- Dubartiin xurii isii tursiisun ibaadan muslimootatti makamuuf jecha Ramadaana keessa dawaa fudhachuu ni daneessi, yoo rakkoo isirra geessu hin jiraanne.
- Namni soomu gorora ykn aakkee garaa keessaa liqimsuun isaaf ga'a.

24

- Nabiyyiin (ﷺ) akkana jedhu: "***Ummanni kiyya hanga fixrii sardamsiisanii fi suhuurii duubatti harkisanitti kheeyrii irra jiraatu.***" (Ahmad) Ammas nabiyyiin (ﷺ) akkana jedhu: "***Amantiin ol aantummaa irraa hin deemu; hanga namoonni hiikkaa soomaa (fixrii) sardamsiisanitti; kunis waan yahuudonnii fi kiristaanonni tursiisaniifi.***" (Abuu Daawud)
- Yeroo sooma furan du'aa'ii kadhachuun jaallatamaadha. Nabiyyiin (ﷺ) akkana jedhu: "***Nama soomeef yeroo hiiku da'awaa (du'aa'ii) hin deebinetu jira.***" (Ibni Maajah)
  Du'aa'iwwan yeroo fixrii godhaman keessaa "***Dheebuunis deeme, hiddi dhiigaa jiidhe, ajriinis mirkanaa'e, yoo Rabbi jedhe***" (Abuu Daawud) kan jedhu isa tokko.

24

- Sunnaan sooma teemira asheetaan (ruxabaatti) furuudha. Yoo hin argamin temira bilchaatatti furuudha. Yoo kunis hin argamin bishaaniin furuun barbaachisaadha.
- Namni soomaa jiru kilaafa irraa fagaachuuf jecha ija kuulachuu, ija ykn gurra keessatti waan jiidhu cobsuu fi kkf irraa fagaachuu qaba. Yoo isa barbaachise fkn akka yaalaa homaa hin qabu; odoo mi'aan dawaa gara kokkee isaa ga'ellee soomni isaa sirrii dha.

24

- Yeroo soomarra ta'an hunda ilkaan rigachuun sunnaadha, yeroon inni jibbamu hin jiru.
- Namni soomu hamii, nama addaan kutuu, sobaa fi kkf irraa fagaachuu qaba. Yoo namni isa arrabse ykn tuqe 'ani sooma qaba' haa jedhu. Arraba isaati fi qaama isaa kan biraa cubbuu irraa tiksuun sooma isaa tikfata. Nabiyyiin (ﷺ) akkana jechuun isaanii gabaafameera: "***Namichi kijibaa fi hojii dharaa hin dhiisin, nyaataa fi dhugaatii isaa dhiisuu isaa irraa Rabbiin dhimma hin qabu***." (Ahmad)
- Namni gara nyaataatti affeerame yoo sooma qabaate nama isa affeere sanaaf du'aa'ii haa godhu; yoo sooma hin qabaatin haa nyaatu.

24

Halkan leeylatul qadrii waggaa keessatti isii sadarkaa guddaa qabdu. Guyyota kudhannan xumura ji'a Ramadaanaa keessa akka argamu akeekameera. Keessattuu halkan diigdamii torbaffaa akkaan shakkama. **Hojiin gaarin isii keessatti hojjatamu hojii gaarii ji'oota kuma tokko keessatti hojjatamu caala**. Mallattoowwan adda addaa qabdi. Barii sanaa aduun adii cooraa baay'ee hin qabne taatetiin baati. Qilleensi isaas tasgabbaayaadha. Muslimoonni odoo hin beekin isii argachuu danda'u. Wanti isarraa barbaadamu Ramadaana keessa ibaadaa irratti cimuudha; keessattuu, guyyoota kudhannan xumuraa keessa. Halkan hunda sagadni halkanii (qiyaamu ramadaan) akka jalaa hin darbine futunuu barbaachisa. Taraawiiha jama'aan yoo sagade, hanga imaamni sagada taraawihaa guutuu guututti xumurutti irraa gara hin galin; akka halkanguutuu dhaabachuun isaaf katabamu jechuudha.